

***INSTITIYUUTI LEENJII OGEESOTA QAA MOLEE HAQAA FI
QO'ANNOO SEERAAM OROMIYAA***



***ITTIGAFATAMUMMAA NAAMUSA ABBOOTII SEERAAD
OROMIYAA***

DAAWWIT GEETAACHOO

Adoolessa 2002

Baa fata

| Mata Duree | Fuula |
|------------------------------------------------------------------------------|--------------|
| BOQONNAA TOKKO | 1 |
| Dugda Duuba Qo'annoo | 1 |
| 1. | H |
| ima Rakkoo | 4 |
| 2. | K |
| aayyoo Qo'annichaa..... | 5 |
| 3. | F |
| aayidaa Qo'annichaa | 5 |
| 4. | M |
| ala Qo'annoo | 6 |
| 5. | F |
| ayyadamtoota Qo'annichaa | 7 |
| 6. | D |
| aanga Qo'annichaa | 7 |
| 7. | H |
| ir'ina Qo'annichaa | 7 |
| 8. | Q |
| inda'ina Qo'annichaa..... | 8 |
| BOQONNAA LAMA | 9 |
| Ittigafatatummaa Naamusa Abbooti Seeraa; Yaada Waligalaa | 9 |
| 1. | I |
| ttigafatatummaa Abbooti Seera;Maalummaa, Barbaachisummaa fi Tooftaalee | 9 |
| 1.1..... | M |
| aalummaa | 9 |
| 1.2..... | B |
| arbachisummaa..... | 11 |
| 1.3..... | T |
| ooftaalee | 13 |

| | |
|-------------------------------------------------------------------------|-----------|
| 2..... | I |
| ttigaafatamummaa Naamusa Abbooti Seeraa | 15 |
| 2.1..... | A |
| deemsa Madalawaa Ittigafatamummaa Naamusa Abbooti Seeraa | 18 |
| 2.1.1..... | K |
| a'umsaa fi Adeemsa Qorannoo Badii Naamusaa | 18 |
| 2.1.2..... | A |
| deemsa Murtii Dhimma Naamusaa..... | 20 |
| 2.1.2.1..... | A |
| dabbii Badii Naamusa | 21 |
| 2.1.3..... | A |
| deemsa Murtii Dhimma Naamusa Booda Jiru..... | 22 |
| 3..... Waa'ee Qaama Murtii Badii Naamusaa Murteessuuf Angoo Qabuu | 22 |
| BOQONNAA SADII | 25 |
| 1..... Caasefama..... | 25 |
| 2..... Qabixilee Bu'uura Naamusaa Ilaallatan | 26 |
| 2.1... Dudhalee Bu'uuraa Naamusa Abbaa Seerummaa Oromiyaa..... | 26 |
| 2.2... Badiwwan Ykn Hir'ina Naamusa Abbooti Seeraa Oromiyaa..... | 28 |
| 3..... Adeemsa Naamusaa (Displinary Procedure) | 29 |
| 3.1... Ka'umsaa fi Adeemsa Qorannoo Badii Naamusaa..... | 30 |
| 3.1.1..... | S |
| irna Qorannoo Hanqina Naamusaa | 30 |
| 3.2... Adeemsa Murtii Dhimma Naamusaa..... | 41 |
| 3.2.1..... | S |
| irna Falmii Naamusaa | 41 |
| 3.3... Adeemsa Murtii Dhimma Naamusa Booda Jiru | 55 |
| BOQONNAA AFUR | 58 |
| Gudunfaa fi Yaada Furmaata | 58 |
| Yaada Guduunfaa..... | 58 |
| Yaada Furmaata | 62 |
| Wabiwwan..... | |

BOQONNAA TOKKO

GUMEE QO'ANNOO

1.1. Seensa

Biyya sirna demokrasii gaggesu kaminuu keessatti jireenyis ta'e fudhatamummaan qaama abba seerummaa kan mirkana'u danda'u heera mootummaatiin akka qaama mootummaa tokkotti hunda'uu qofaan osoo hin taane irra caalmaa amantaa ummataa yoo qabaate dha.¹ Qaaminni abbaa seerummaa kun amantaa ummataa kana kan moo'ate yoo ta'e jirenya fi fudhatamummaa isaa mirkaneessun ummanni tajajila qaama kanaan kennamutti fayyadamaa ta'urra darbee murtii isaatis ni kabaja. Haala adeemsa kanaan falla ta'een qaamni abbaa seerummaa amantaa ummataa hin qabu tanaan, ummanni tajajila qaama kanaan kennamu irraa fayyadamaa ta'uu fi murtii qaama kanaan laatamu kabajuu fi hojjirra oolchuun haa turu jireenyumti qaama abbaa seerummaa kun kan shakkisiisu ta'a. Qaamni kun mirga, qabeenya akkasumas hundaa ol lubbuu dhala namaa irratti murtii dabarsuuf qaama angoo qabu waan ta'eef kaayyoo isaa bifaa yaadameen galmaan ga'uuf amantaan ummataa gudda isa barbaachisa. Kanaafuu, itti gafatamummaan qaama kana irratti gatame duran ol-aana waan ta'eef galma ga'insa kaayyoo qaama kanaaf ummanni qaama kana irra amantaa qabachun dirqama.

Amantaa ummanni qaama abbaa seerummaa kana irratti qabaachu qabu dhugoomsuuf ammo gahee ol-aanaa kan qaban abbootii seerattii. Sababiin isaa, haala hojii abbaa seerummaa irraa kan ka'e hojii abbaa seerrummaa kessatti hojiin abba seeraa daran ol-aanaa dha. Dhimma kana ilaalichisee abbaan seeraa "Lerndi Handi" jedhamu falmii Brownii fi Walter giddutti gaggefame irratti yeroo eeru:

*"Justice does not depend up on legal dialectics so much as up on the atmosphere of the court room, and that in the end depends primarity up on the judges"*² jechuun dubbata.

¹ M.Cappellettii .(1983).Who waches the wach men? 31 American journals of comparative law

² Sander E.Oxner. (2003).The world bank legal Review. Law and Justice for development (Vol.1) the Hagve/london/ new York: the world Bank. Ful. 341

Kanaafuu, ittigafatamummaa abbootii seeraa kaayyoo qaamni kun qabu bifa yaadameen galmaan ga'uuf guddaa gumaacha. Egaa abbootin seeraa miira ittigafatamummaan hojjechuun isaani amantaa ummanni hojji abbaa seerrummaa irratti qabaachu qaban dhugoomsuuf daran murteessa dha. Kun ammo hawaasinni qaama kana irraa haqa qulqulina qabu, madalawaa fi bu'a qabeessa akka argatu gochuu irra darbee manneen murtii dirqama mirga dhala namaa kabachisuu fi ol-aantummaa seeraa dhugomsuuf qabu akka mirkanessuf gumaacha gudda qabaata. Kanaaf seerriis ta'e ummaanni abbootii seeraa irraa hojjetaa uummaataa kaminuu caala amantaa guddaa irraa eega. Dhimuma kana yeroo deegaru barressan tokko yaada araan gadii eera.

"We expect our judge to be almost super human in wisdom, in propriety, in decorum and in humanity. There must be no other group in society which must fulfill this standard of public expectation"³

Mootummonni gamtoomani seera waliigaltee addunyaaa dhimma bilisummaa fi ittigafatamummaa abbooti seeraa fi abbooti alangaa keessattis yeroo eeran:

"To promote the human right, principle of equality before the law, the right of fair and public hearing, and rule of law..... there should be a competent, independent and accountable tribunal established by law"⁴ jechudhaan dubbatu.

Kana malees, qaaminni mootummaa kamiyyuu angoo seeraa ala akka hin fayyadamineef ittigafatamummaa qabachuu qaba yaadni jedhu qajeelfama bu'uraa ol-aantummaa seerati.⁵ Kanaafuu, ittigafatamummaan abbooti seeraa sirna dimokraasi tokko keessatti kan hin dhugoomne yoo ta'e fedhii fi mirga ummataa irratti miidhaa guddaa geesisuu ni danda'a: abbootiin seeraa seera cabsuun loogii rawwachuu, yaada siyaasa fi dantaa mataa isanii tarkanfachisuu, tajajila si'oomina hin qabnee laachu fi kkf raawwachuuf carraa argatu.

³ Garll Man.(1989).Independance and accountability of Judiciary.Ful.143

⁴ United Nations Instrument: International instrument on the independance and Accountablity of Judges & prosecutors, Ful. 1-2

⁵ Richard J. Scott. 2000. Ethics to control Judicial corruption. Ful. 117.

Kanaafu ijaarsa sirna dimokraasii keessatti mirga lamileefs ta'e ol-aantummaa seeraaf wabii ta'udhaan amantaa ummanni qaama abbaa seerummaa irratti qabu cimsuuf manni murtii keessattu abbootin seeraa gahee isaan irraa eegamu qixa barbaadamun bahuuf ittigafatamummaa isanii daran cimsuun yaada hunduu irratti walii galu dha.

Haaluma kanaan, ittigafatamummaa abbootin seeraa hojii isanii irratti qabaachuu qaban dhugoomsuuf dhimma qo'annoo kanaa kan ta'e ittigafatamummaa namusaa abbooti seeraa mirkaneessuun tooftalee itti gafatamummaa abbootii seeraa mirkanessaan keessaa adda duraan kan caqasamu dha. Sababiin isaa naamusa abbootii seeraa dhugomsuun itti gafatamummaa isanii kanneen biroof wabii ta'uu waan danda'uufi. Dhimma kana ilaachisee koreen mootummaa gamtomanii tokko dhimma bilisummaa fi itti gafatamummaa abbootii seeraa irratti

*"Judges shall be accountable to have effective, competent and fair hearing.Promoting their disciplinary accountability is paramount important for the realization of their accountablity at all so as to have the above menssioned quality juctise rendering"*jechudhaan barbachisumma itti gafatamummaa namusaa abbootii seeraa ibsa.⁶

Kanaafuu, itti gafatammummaa namusa abbootii seeraa mirkannessuun adeemsa haqaa qulqulina qabu laachuuf adeemamu keessaattii bakka ol-aanaa qaba. Muxannoon biyyoota addunyaas isuma kana mirkaneessa.

Dhimmi ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa mirkaneessu kun abbootii seeraa naamusa gaarii qabachuun fakkeinya gaarii ta'an argamsiisuf akkuma biyyaattu heera mootummaa dimokraatawa Itoophiyaa keessattis qajeelfama bu'uraa ta'un isaa kan hubatamu dha.⁷ Bifuma wal fakkatuun, heera federalaa kana hordofuun kan tumame heerri mootummaa

⁶ Madda lak.4.Ful.60

⁷ Heera mootummaa federalawaa fi dimokraatawa Itoophiyaa. 1995. Labsii lak. 1/1995. Nagariiti Gaazaxaa. Kewt. 12, 79(4)(a) fi 81(6) waliin ilaala.

nannoo Oromiyaa yeroo ammaa foyya'ee bahees ittigafatamummaa abbooti seeraa gama naamusaan jiru dhugoomsuuf yaada bu'uura kaa'e jira.⁸

Haata'utti garuu, heera mootummaa federalaa keessattis haa ta'u kan nannichaa keessatti akkasumas seerota adda addaa akka nannootti tumaman keessatti ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa ilaalichiisee seerri ga'an jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaa muxannoo biyyoota addaa addaa waliin qorannoon mirkanassuun barbaachisaa dha. Kana malees, jijjiraama gama kanaan yeroo dhaa yerotti mul'atu, itti gafatamummaa naamusaa kana mirkaneessuuf hojiwwan hojjetamanii ykn hojjetamu qabani fi wal simanna ykn wal diddaa seera fi barmaatilee, yeroo ammaa jiru haala qabatama jiruu waliin qorannoon deegarun barbaachisaa dha. Qo'annoona kuns kayyodhuma kana qaba.

Haaluma kanaan, qo'annichi boqonnaa afuritti kan qoodame yoo ta'u, boqonnaa jalqabaa keessatti gumee qo'annichaatu qopha'ee dhiyaate.

Boqonnaa lamaffaa qo'annicha keessatti dhimma naamusa waliin wal qabatee yaada walii gala sadarkaa addunyaatti jirutu ilaalamu. Kanaafuu, boqonnaan kun adda duran hiikkaa naamusa, maalummaa fi barbachisummaa naamusa abbaa seerummaa, naamusa abbaa seerummaa fi ittigafatamummaan abbooti seeraa maal akka ta'e akkasumas, dudhalee naamusaa abbaa seerumaa sadarkaa addunyaatti fudhatama argatan enyufaa akka ta'e irratti xiyyefata. Kana malees, kaayyoon qo'annicha inni guddaan sadarkaa naamusni abbaa seerumma naanno oromiyaa irra jiru xinxaluu waan ta'ef dhimma kana boqonnaa sadaffaa keessatti gadi fageenyaan hubachuuf akka tolutti boqonnaa lamaffaan kaun yaada ka'umsaa ka'a. Fakkeenyaaf, sadarkaa naamusa abbaa seerummaa biyya tokko madaluuf ulaagalee ilaalamu qaban, naamusa abbaa seerummaa biyya tokko dhugoomsuuf maal maaltu hojetamu akka qabu fi kkf.

Boqonnaa sadaffaa qo'annicha keessatti sadarkaa xiyyefannaan naamusa abbaa seerummaa naanno Oromiyaa yeroo ammaa irra jiru kan keessatti madaallu ta'a. Gama kanaan, ga'umsii

⁸ Heera Moottummaa Naanno Oromiyaa.(1994).Magalata Oromiyaa.Labsii lak.46/1994.kewt.63(2) fi (3),akkasumas kewt.65(1) fi (2)

seeraa, hojiirra olmaan koodi naamusa, fi galma ga'insa kaayyoo koodii fi danbii naamusaaf hojiwwan hojetamu qaban yeroo ammaa sadarkaa maali irra akka jiran kan keessatti xinxalamu ta'a.

Boqonnaan afraffaan boqonnaa dhuma qo'annichaa ta'ee yaadni guduunfaa fi furmaata kan keessatti qopha'u ta'a.

1.2. Hima Rakkoo

Ummata amantaa sirna abbaa seerummaa biyyaa tokkoo irratti horate dhugomsuufs ta'e ol-aantummaa seeraa mirkanessuuf ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa irratti xiyeefanno laachuun daran barbaachisaa dha. Kuns, hojii abba seerummaa loogi irraa bilisa ta'e dhugomsurra darbee abbooti seeraa ol-aantummaa seeraatiif quuqama qabachuun ittigatatumummaa guutun hojjetan mirkanesuuf gahee guddaa qaba. Kanaafuu, itti gafatatumummaa abbootii seeraa mirkaneessuuf tattaffii gama kanaan godhamu sadarkaa inni irra jiru yeroodha yerootti xinxaluun barbaachisaa dha. haaluma kanaan, manneen murtii Oromiyaa keessaatti itti gafatatummaan naamusa abbootii seeraa hamam mirkanessuun akka danda'ame fi muuxannoo biyyoota adda addaa waliin yeroo madaalamu hir'ina fi rakkolee gama kanaan jiran xinxaluun hima rakkoo qo'annichaati.Haaluma kanaan, qo'annichi adda duraan dhimoota armaan gadii irratti xiyeeffata.

- Ga'umsi danbii koodii fi naamusa abbootii seeraa Oromiyaa standardii sadarkaa addunyaatiin yeroo madalamu maal fakkaata?
- Itti gaafatatumummaa naamusa abbooti seeraa Oromiyaa gama hundaanu jiru mirkanessuuf hamatamni seeraa gaayaan jiraa?
- Naamusinni abbootii seeraa dhadachaa fi dhadacha alatti maal ta'uu qaba?
- Sirnni naamusa abbootii seeraa dhaqabamaa fi iftoomina kan qabu dhaa?
- Si'oomni iyyannoonaan naamusa itti dhiyaatu fi qorannoonaan naamusa ittigeggefamu akkasumas, kenni murtii badii naamusa itti gaafatatumummaa naamusa abbooti seeraa mirkaneessuuf ga'a dha?

- Iftoomina sirnichaa mirkanessuun mirga abba seeraa komiin naamusaa irratti dhiyaate gama hundaanu dhugoomsuuf sirni diriire hangam ga'umsa qaba?
- Sirni naamusaa madalawaa, si'oomna fi bu'a qabeessa ta'e jiraa?
- Koodii fi danbiin naamusaa abbootii seeraa Oromiyaa itti gafatamummaa isanii mirkaneesuuf haalli hojii irra oolmaa isaa maal fakaataa? Qaamoleen naamusa abbaa seerumma kana dhugoomsu danda'an eenyu? Naamusa abbaa seerummaa kana dhugoomsuuf maaltu raawwachu qaba? Maltus raawwate?

1.3. Kaayyoo Qo'annichaa

Kaayyoon gooro qo'anno kanaa rakkolee ittigafatamummaa namusa abbooti seeraa nannoo Oromiyaa waliin wal qabatanii ka'an furuun abbooti seeraa naamusa gaari fakkeenya ta, an uumu dha. Haaluma kanaan, qo'annichi kaayyoo gooro kana galmaan ga'uuf kayyoo goore armaan gadditti tarreefaman ni qabata.

- Haala qabatam ittigaafatamummaan naamusaa abbooti seeraa yeroo ammaa irra jiru xinxaluu,
- Itti gaafatamummaa naamusaa abbooti seeraa Oromiyaa gama hundaanu jiru mirkanessuuf hamatamni seeraa gaayaan jirachuu fi jiraachuu dhabuu sakata'uu,
 - Itti gaafatamummaa naamusaa abbooti seeraa gama mirkaneesutiin rakkowan jiran adda baasanii agarsiisuu,
 - Gahumsa seeraa yeroo durii jiruu fi kan amma waliin madaluun sadarka xiyyefanaa naamusa abba seerummaa madaalu
- Lafa wal-darbi seeraa fi barmaatilee jiru xinxaluun agarsiisuu. Dhimma kanaan wal-qabatee keessattu adeemsi addabbi badii naamusaa fi rawwii isaa ni xinxalama,
- Itti gafatamummaa namusa abbooti seeraa nannichaa mirkaneessuuf nannoo rakkoleen adda duraan xiyyefanno barbaadani fi himamanni foya'insa sirna haqaa ilaalicha addaa itti laachu qabu adda baasu fi,

- Dambiin naamusa abbooti seera Oromiyaa hangam hoji irra oola akka jiru xinxaluu fi rawwii irratti rakkina dambichi qabu adda baasu.

1.4. Faayidaa Qo'annichaa

Qo'annoonaan kun bakkeewwan rakkina ittigafatamummaa namusaan wal qabatanii ka'an tokko tokkoon adda baase yaada furmaata waan ka'uuf, dhimma kanaa wajjiin rakkoo seeraa fi barmatilee ni xiqqeessa. Kun ammo, abbooti seeraa naamusa gaari fi fakkeenya ta'an argamsiisuuf waan gumaachuuf tattaffii foya'insaa sirna haqaa nannichaaf godhamu bifa baarbadameen akka galma ga'u godha. Kun ta'e jechuun ammo, karaa biraatiin, nannicha keessatti mirga lamilee kabajamee fi ol-aantummaa seera mirkane'e dhugoomsuun waan danda'amuuf, qo'annichi fayidaa ol-aana qaba.

1.5. Mala Qo'anno

Qo'anno kana geggesuuuf, odeeffannoona ragummaa qaban malawwan qo'anno adda addatti fayyadamudhaan guurun barbachisaa dha. Kanaaf ammo, malli

1. Gaaffii barreefamaa,
2. Gaaffii afaani, fi
3. Mare garee

Kanaafs, malawwan armaan olitti caqasaman sadan bifa sampilitiin bakkaeewan filataman irratti kan geggefaman ta'a. kana malees, qo'annichi odeefannowwan maddewwan gara garaa irraa argaman, fakkeenyaaf, kitaabota, dambiile adda addaa, seerota fi kkf akka barbachisummaa isaatti kan itti fayadamu ta'a.

Malli qo'annichaa, akkuma armaan olitti caqasame, odeefannowwan maddeewwan adda addaa irra argamanin (kitaabota, dambiwan adda adda, seerota fi kkf akkasumas gaffii afanii, barreffamaa, fi mare garee) yemmu ta'u, adeemsi gaaffiin afaanii itti deebi'u miseensota gumii bulchiinsa abbooti seera, abbooti seeraa, abbootii alangaa, abukkattoo ittisaa fi abboti dhimmaa irratti kan xiyyefatu ta'a. Bifuma wal fakkatun, gaaffiin barreefamaas qaamoleedhuma armaan olitti caqasamaniin kan guutmu dha.Kana malees,gaffiin bareffammaa bifa sarveyitiin gutamus ni jira. Hata'utii,gaffiin barefaamaa bifa lachuuu abbooti dhimmaatiin

hin gutamani. Sababiin isaa, abbooti dhimmaa gaaffii barreefama guuchisuuf hir'inni beekumsaa fi rakkoon yeroo gufuu ta'u waan danda'ufi. Haaluma kanaan, malli qo'annoo kun lachan bifa samplitiin sadarkaa Aanaa, Godinaa, Biiro fi Mana Murtii Waliigalaa irratti geggeefama.

Adeemsi samplii kun kan filatameef, akkuma beekamu dacheen nannoo keenyaa hedduu bal'aa waan ta'eef godinalee fi aanaalee gudinalee kanneen jala jiran hundaa irratti qo'annicha geggeessuun rakkina yeroo fi human namaan kan daangefame dha. Haaluma kanaan, sababoota adda addaa irratti hunda'un jechuunis nannoo odeeffannoon raggummaa qabu ni argama jedhamee yaadama keessaa **Mana Murtii Walii gala fi Biiro Haqaa Oromiyaa** dabalatee godinaleen afur (**Hargaree Bahaa, Arsii Asallaa, Shawaa Kaaba fi Jimma**) fi aanaaleen godinalee kana jalatti argaman sadeeti filatamaniiru. Haaluma kanaan godinalee fi aanaalee kanneen irratti gaffiin afanii fi barreefama kan geggefamu yoo ta'u, mareen garee Biiro Haqa Oromiyaa fi Mana Murtii Waliigalaa dabaleetee sadarkaa godinaa qofa irratti kan geggefamu ta'a.

Walumaagalatti, bayyina gaffilee barreefama qutatamanii, gaffilee afanii deebi'anii, fi mare garee akka araan gaditti ka'uun ni danda'ama.

| <i>Lak.</i> | <i>Madda Ragaa</i> | <i>Gaaffi Barreefamaa</i> | <i>Gaaffii Afaanii</i> | <i>Maree Gare</i> | <i>Gaaffi Barreefamaa (Sarveyii)</i> |
|----------------|-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|---------------------------|------------------------|-------------------|--------------------------------------|
| 1. | MMWO | 10 | 10 | 01 | -- |
| 2. | Biiro Haqaa | 10 | 05 | 01 | -- |
| 3. | Qamolee sadarkaa godinaa irra jiran <ul style="list-style-type: none"> • Mannneen murtii • Wajjira haqaa • Abbooti dhimma • Abukaatto ittisaa | 50 | 50 | 08 | -- |
| 4. | Qamolee sadarkaa aana irra jiran <ul style="list-style-type: none"> • Manneen murtii • Wajjira haqaa • Abbooti dhimma • Abukkato ittisa | 25 | 20 | -- | -- |
| <i>Ida'ama</i> | | 95 | 85 | 10 | 100 |

Dhuma irratti, dhimma ittigatatumummaa namusa abbooti seeraa miirkaneessuuf, keessattu adeemsa adabbii badii namusaa fi rawwii addabii kanaa ilaalichiisee muxxannoo nannolee biro ilaaluuns barbaachisaa dha. Kanaafu, muxxannoo mootummaa Federalaa dabalatee muxxannoo nannolee biro akka barbaachisummaa isaatti ilaalunis mala qo'onnichi itti fayyadamu dha.

1.6. Fayyadamtoota Qo'annichaa

Fayyadamtooni qo'anno kanaa duchaadhumatti qaamolee adda addaa yoo ta'an illee adda dureedhaan garuu manneen murtii Oromiyaa fi abbootin seeraa nannichaa kallattidhaan fayyadamaa qo'annichaa ta'u. Akkasumas qamoleen haqaa nannichaa fi qaamonni mootummaa fi mit mootummaa Inistiitiyuutichaa wajjiin hariiro qabans fayyadamtoota qo'annichaati.

1.7. Daanga Qo'annichaa

Qo'anno kana ittigafatatumummaa abbootin seeraa nannichaa keessa jiran gama hundaanu gonfachuu qaban hundaa irratti xiyyeffachuu akka qabu kan itti amanamu yoo ta'e illee, halewwan armaan gaditti tarreefaman waan dangessaniif qo'annichi ittigafatatumummaa naamusaa qofa irratti akka xiyyeefatu ta'eera. Kanneenis:-

1. Human namaa Instiitiyuutichi yeroo amma qabu,
2. Rakkina yeroo fi
3. Eegumsa qo'anno qulqulina qabu rawwachuuf godhamu kanneen jedhaman hangafoota

Boqonnaa Lama

Ittigafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa; Yaada Waliigalaa.

1. Ittigafatamummaa Abbooti Seeraa; Maalummaa, Barbaachisummaa Fi Tooftaalee

1.1. Maalummaa

Ittigafatamummaa abbaa seerumma jechuun adeemsa ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf godhamu keessatti ittigaafatamummaa abbootin seeraa fi wajirri mana murtii ogummaa isaanii fi qaama isaan hogannuuf qabani dha.⁹ Haaluma kanaan, guulummoon ittigafatamummaa abbaa seerummaa jedhu ittigafatamummaa abbooti seeraa qofa osoo hin taane ittigafatamummaa manni murtii akka wajjiraatti qaama dhimmi isaa ilaaluf qabu illee kan dabalatu dha.¹⁰ Haata'uti garuu, kutaa kana jalatti maalummaa ittigafatamummaa abbooti seeraa qofa ilaalla.

Maalummaa ittigafatamummaa abbooti seeraa ilaalu keenya dura hiikkaa yaada "Ittigafatamummaa" jedhu ilaaluun gaari ta'a.

Hiikkaan yaada "itti gafatamummaa" kanaaf laatamu yeroodhaa yerootti haala qaama ittigafatamummaa fudhatu irratti hunda'uun adda adda. Haa ta'utii, barreessitonni amaalota adeemsa kanaa irratti hundaa'un bifa adda addaan hiiku. Fakkenyaaf, akka barreessaan tokko ka'u yaaletti ittigafatamummaa jechuun makaa amaloota fi adeemsa adda addaa ta'ee sirna sona gaari ta'e itti dhugoomsani dha.¹¹

Gama biraan ammoo barreessan Booven jedhamu yeroo yaada kana hiiku ittigafatamummaa jechuun hariiroo hojjetaa tokkoo fi qaama isa hogganu jedduu jiru ta'ee hojjetichi raawwii raawwatu tokkoof qaama isaa hoogganu kanaan yeroo gaafatamu adeemsa sirrummaa gocha

⁹ Rogell preze perdomo (2006), Independence and Accountability, <http://www.worldbank.org/legal//efopjudicial/jiconf-paper-pdf>

¹⁰ Shimon shitet (2007), Judicial Impartiality and Accountability, Ful. 96

¹¹ H.A. simon et al, (1961), Puplic Adminstration Ful. 513

isaa itti ibsuu fi dhugoomsu dha, Qaamni hojjeticha hogganu kunis dogoggiorri hojii raawwate yoo jiraate adeemsa tarkaanfii seera qabeessa ta'e tokko itti fudhatu dha.¹²

Maalummaa yaada rime ittigaafatatummaa abbooti seeraatti ammoo yeroo deebinu, yaadni kunis haala adda addaan kan hiikkaan kan itti laatamu yoo ta'e illee, barreesitonni baayyeen haala walitti dhufeanya qabuun hiiku. Fakkeenyaaaf, barreessaan Rogeloo Perez Peerdaamoo jedhamu yaada kana yeroo hiikka itti laatu:

"It is a consequence of individual judges wrongful acts or omission, or it is a control or supervision of judges to make certain that they do not deviate from the commonly accepted value of the public"¹³ jechuun eera.

Gama biraan, barreessaan tokko ammoo yaada ittigafatatummaa abbooti seeraa jedhu kana yeroo ibsu:

"It is the responsibility of judges for their decision and/or the liability of judges to give reasons or justifications for their conduct in the resolution of dispute"¹⁴ jechuun ibsa.

Egaa akka hiikkawan kanaatti ittigafatatummaa abbooti seeraa jechuun abbaan seeraa tokko adeemsa kenna murtii keessatti waan seeraan ala rawwateef ykn waan seeraan raawwachuu qabu raawwachuu dhabuun adeemsa gocha isaa kanaaf abbummaa itti fudhatu dha. Kana malees, ittigafatatummaan abbooti seeraa sonaawwan hawaasaan fudhatama qaban irraa abbaan seeraa akka hin maqne ykn kanaan malee hojii abbaa seerummaa isaa akka hin raawwaneef adeemsa isa dirqamsiisu dha.

¹² M. Bovens, (2006), Analysing and Accessing public Accountability Ful. 12

¹³ Madda lak. 1

¹⁴ Jeffer M.Sharman, Judicial Ethics:Independence and Impartiality Ful.98

1.2. Barbaachisummaa

Barbaachisummaan ittigafatamummaa abbootii seeraa Iskoolarotaa fi barreesitoota adda addaa giddutti dhimma falmisiisaa ta'ee tureera. Sababiin isaa, beektonni tokko tokko akka jedhanitti abbootin seeraa ittigafatamummaa qabaachun isaanii yaada rime bilisummaa abbooti seeraa jedhu waliin yaada wal hin simne waan ta'eeef, abbootiin seeraa ittigafatamummaa qabachuu hin qabani.¹⁵ Kanneen yaada kana deegaran keessaa dura bu'aan barumsa haqaa Inglanti kan ta'e Donaalidisan isa tokko. Akka yaada barreessa kanaatti abbootiin seeraa sammuu isaanii fi seeraaf yoo ta'e malee eenyufu itti gafatamummaa qabaachuu hin qabani.¹⁶ Kanaafu, deegartoota yaada kanaaf ittigafatamummaan abbooti seeraa miidha malee bu'a hin qabu.

Gama biraan ammoo, barreessitonni fi Iskoolarronni jiraachuu ittigafatamummaa abbooti seeraa deegaran heddu dha. Isaans yaada isaani kan sirna dimokraasii jarraa kan keessa fudhatamummaa guddaa qabuu fi faaydaa ittigafatamummaan abbooti seeraa adeemsaa sirna haqaa dhuguumsuuf qabu waliin qabanii barbaachisummaa isaa ibsu.

Akka namoota yaada kana deegaraniitti, sirna dimokraasii tokko keessatti yaadni qaamni mootummaa kami iyyuu angoo seeran ala akka hin fayyadamneef ittigafatamummaa qabaachu qaba jedhu qajeelfama bu'uraa ol'aantummaa seerati.¹⁷ Abbootiin seeraas qaamolee mootummaa keessa tokko kan ta'e manneen murtii keessa waan hojjetaniif qajeelfama kana irraa bilisa ta'uu hin danda'ani.¹⁸ Kana malees, akka yaada namoota kanaatti adeemsaa haqaa dhugoomsuuf adeemamuf ittigafatamummaan abbooti seeraa barbaachisaa dha; qajeelfama

¹⁵ United Nations, (2002), Office of Crime and Drugs, Cyrus Das. Ful. 54

¹⁶ Madda Lak. 7

¹⁷ Richard J. Scott. 2000. Ethics to control Judicial corruption. Ful. 117

¹⁸ Madda Lak. 9

kana malee abbootiin seeraa angoo seeran ala fayyadamuu, murtii haqaa hin qabne laachuu, fi kkf irraa bilisa ta'u hin danda'ni.¹⁹

Yaada ittigafatamummaa abbooti seeraa kana kan deegaru abbaan seeraa mana murtii ol-aana Australiyaa tokko akka ibsuu yaaletti umamnumitti hojii abbaa seerummaa ogummaa hojii kanneen biraan caala abbootin seera ittigafatamummaa akka qabataniif isaan dirqisiisa. Abbaan seeraa kun yaada isaa yeroo ibsu:

“... and the work of judge is the most accountable work in one sense: our decision is made in open court. I spend the greater part of my working life performing my daily duties in public... that is not something that occurs in most fields of activity. As well as that, the decisions of the court go through a whole range of review from the lower court to the highest court in the country and in that sense can be openly exposed, criticized, commeted up on and justified in reasoned decision making. Now it is true that in most countries judges are not elected and in that sense they are not directly accountable to the people. But they are appointed by poletitians who are accountable to the people.”²⁰ jechuun eera.

Akka yaada abbaa seeraa kanaatti ittigafatamummaan abbooti seeraa kanneen birooakkuma jirutti ta'e adda duraan garuu umamnumitti hojii abbaa seerummaa abbooti seeraa kanneen armaan gadii sadaniif ittigafatamummaa akka qabatan isaan dirqamsa. Kanneenis: Ittigafatamummaa ummataa, ittigafatamummaa ol-iyannoo galmees murtii fi itti gafatamummaa yakkaati. Biyyonni addunyaa heddunis yaada kana debalatee yaada abbootiin seeraaf ittigafatamummaan barbaachisaa dha jedhu irratti walii galu.²¹

Jiraachu ittigafatamummaa abbooti seeraa namonni deeggaran kunniiin qajeelfama bilisummaa abbootii seerattis cimisanii amanu. Akka yaada namoota kanaatti qajeelfamni bilisummaa abbaa seerummaa sirna seera tokkoof dhakaa bu'uraati.²² Haa ta'u malee, bilisummaan kun

¹⁹ Madda Lak. 9 Ful. 108

²⁰ Madda lak. 9 Ful. 30

²¹ American Bara association, (1974), standards releting to court organization, ABA press, Ful 11

²² Madda lak. 9 Ful.76

ittigafatamummaa abbooti seeraa malee kaayyoo isaa galmaan ga'u hin danda'u.²³ kanaafuu, akka yaada namoota kanaatti ittigafatamummaan abbooti seeraa bilisummaa isaanii waliin madalawaa ta'e jiraachu qaba.²⁴

1.3. Tooftaalee

Akka Iskolarota adda addaan ibsamutti ittigafatamummaan abbooti seeraa tooftalee adda addaan dhugoomu ni danda'a. Kanneen keessas akka yaada Iskolaro ma'aroo kapileet jedhamutti ittigafatamummaa abbooti seeraa dhugoomsuuf toftaalee fayyadanu keessaa ittigafatamummaan siyaasa, ittifataamummaan ummataa fi ittigafatamummaan dhunfaa abbaa seeraa ni caqafamu.²⁵ Bifuma wal fakkatuun tooftaleen ittigafatamummaa abba seerumma dhugomsuuf nu gargaaru jedhamanii barreessa shimoon shibriitiin caqasaman yaaduma armaan oli kana deegara. Kanneen keessas kan armaan gadi hangafoota.²⁶

1. Ittigafatamummaa ol-iyyannoo irraa madduu
2. Ittigatatumummaa ummataa
3. Ittigafatamummaa hariiroo fi yakkaa
4. Ittigafatamummaa naamusaa.

Dhimma ittigafatamummaa ol-iyyannoo ilaalichisee dhimma murtii argate tokko irratti murtii addaa laachuun yeroo hundaa illee jechuun yoo hin danda'amne, yeroo baayyee badii abbaan

²³ Roger K. Warren, (2001), The Importance of judicial Independence and accountability. http://www.ncssionline.org/wd_puplicatiors/ kess- Judind speed hschrift. Pdf.

²⁴ Madda Lak. 9 Ful.67

²⁵ Abdi Jibril 92008), Legal Profession and Ethics, Mana kitaaba Universiiti Finfinnee, Ful.32

²⁶ Shimon shetreet, (1985), Judicial Independence: The contemporary Debate, Netherland, martinus nijhoff publishers, , Ful. 399

seeraa mana murtii jalaatti raawatu ifatti kan mirkanessu dha.²⁷ Haaluma kanaan, manni murtii gal mee ol-iyyanno yeroo ilaalu kaayyoo lama galmaan ga'uufi. Kunis gama tokkon, murtii mana murtii jalaatti murta'e mirkanessuuf, jijiruuf ykn foyyessuuf yeroo ta'u, gama biraatiin ammoo itti gafatamummaa abbaa seeraa dhimma sana murtesse mirkanessufi. Kanaafuu, murtii mana murtii jalaatti murta'e jijirruun ykn foyyessuun qofaa isaa ittigafatamummaa abbooti seeraa mirkanessuu waan hin dandeenyeef abbaa seeraa dhimma sana murtesse haqummaa fi seera qabeessummaa murtii isaa irratti ibsa akka itti laatu gaafatamee dogongora argame irratti tarkanfiin barbaachisaa ta'e qaama dhimmi isaa ilaalun fudhatamuu qaba.²⁸ Adeemsi kun ammoo ittigafatamumma abbooti seeraa gama kanaan jiru daran cimsuuf shoora mata isaa gumaacha.

Toftaalee ittigafatamummaa abbooti seeraa ittiin mirkanessinu keessaa inni biraan ittigafatamummaa abbootiin seeraa ummataf qaban mirkanessuni. Ittigafatamummaan abbooti seeraa gama kanaan jiru mirkana'u kan danda'u kallatti hedduun ta'u illee dhaddacha ummataa fi sab-qunamtiif banaa ta'e gaggessu, gal mee murtii argatan ummataaf banaa gochuu fi komii ummannii abbaa seeraa dhuunfaa irratti qabu dhaga'uuf qaama ummatatti dhiyoo ta'e hundefamee jiraachuu kan jedhaman hangafoota.²⁹ Kanaafu, ummatins ta'e sub-quunamtiin adda addaa carraa dhaddacha banaa ta'e irratti hirmaachuu fi gal mee murtii argatan ilaalu kanatti yayyadamuun komii qaban dhagisifachuuf qaamni komi kana dhaga'uf haala ummataaf mijataa ta'een hin jiru taanan ittigafatamummuu abboot seeraa ummataaf qaban dhugoomu hin danda'u.

Gama biraatin, abbooti seera dabaltee namni kamiyyuu badii daanga seeraa darbee rawwatuuf ittigafatamumma haariiroos ta'e yakkaa ni qabaata. Abbootin seeraa dhimma yakkaa fi harirootin himatamuu danda'uun isaanis ittigafatamummaa isaani mirkanessuuf gumaacha mataa isaa ni qabata.³⁰ Kunis abbaan seeraa hojii hojjetu keessatti badii dhimma yakkaa ykn

²⁷ Shimon shetreet, (1994), Justice in Israel, a study of the Israeli judiciary, Netherlands, martinus nijhoff publishers. Ful 258

²⁸ Francesc contini and Richand mohr,(2007), Recounting independence and accountability in judicial system. [Http://www.utrechtlawrateiw.org](http://www.utrechtlawrateiw.org)

²⁹ The new guide room to judicial independence, <http://constitution project. Org> Ful. 289.

³⁰ Tati Taye, (2009), The role of judicial administration council in promoting judicial independence and accountability. Addis Abeba University (kan hin maxanfamne). Ful.19

hariiroo wajjiin walqabatuun himatamuu waan danda'uuf hojii isaa hundaa miira ittigafatamummaatiin akka hojjetuuf isa dirqamsa. Haata'u iyyuu malee, bilisumma abbooti seeraa mirkanessuudhaaf jecha adeemsi abbootiin seeraa dhimma hariiroo fi yakkaatiin ittigafatamummaa qabatan addatti saxaxamuu danda'a.³¹

Tooftaan inni afrappaan ittigafatamummaa abbooti seeraa dhugoomsu ittigafatamummaa isaan naamusa isaniif qabani dha. Koodiin naamusa abbaa seerummaa, fi dambiiwan namusa abbooti seeraa qajeelfama bu'uuraa naamusa abbootii seeraa, adeems fi hanga adabbii of kessatti hammate tumamee jiraachuun isaa ammo ittigafatamummaa kana mirkanessuuf ga'ee guddaa qaba.³² Toftaan kun toftaalee ittigafatamummaa abbootii seeraa mirkanessuuf aramaan olitti caqasaman caala gumaacha guddaa akka qabu beektonni baayyeen ni dubatu.³³ Sababiin isaa, toftaan kun amala fi namummaa abbootii seeraa irratti kan xiyyefatu waan ta'ef ittigafatamummaa abbootin seeraa ogummaa isaanif qaban hundredhaan cimsuu waan danda'ufi. Tooftan kun badii abbootiin seeraa gama kanaan raawatan hordofuun adabbii fudhachuun dura barsiisuu filata. Abbootiin seeraas naamusa ogummaa abbaa seerummaaf barbaachisu kana darbanii yoo argaman tarkafiin barbaachisaan ni fudhatama jechu dha. Haa ta'uti garuu, adeemsi kun bilisumma abbaa seerumma waliin haala walitti hin buune fi haal bilisummaa abbaa seerummaa giddugaleessa godhateen ta'u qaba. Fakkeenyaaaf, adabbiin namusaas ta'e dudhaleen naamusaa dambii naamusaa keessatti tumamu akkasumas, adeemsi qorannoo komii naamusaa fi murtiin itti laatamu haala ifa ta'een tumamu qaba.³⁴

2. Ittigafatamummaa Naamusaa Abbooti Seeraa

Bilisummaan abbaa seerummaa qajeelfama ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf wabii guddaa yoo ta'e illee, abbooti seeraa amala gaari hin qabneef yeroo tokko tokko dahoo ta'a.³⁵ kanaafuu, abbootiin seeraa qajeelfama dudhalee naamusatiin qajeelfamuu qabu. Naamusni

³¹ Madda lak. 7 Ful. 20

³² Madda lak. 21 FUL. 190

³³ Madda lak. 14 fuula 26

³⁴ Nuno Garoup, Tom Ginsburg, Guarding The Guardians; Judicial Council and Judicial Independence, Manxansa 12 Ful 18

³⁵ International Commission of Jurist (2004), International principles on the Independence and accountabliy of judges, lawyers and prosecutors, Geneva, Switherland. Ful 53

ogummaa abbooti seeraa irra eegamu kun haala ifa ta'een abbooti seeraaf maal akka ta'e ykn maal akka ta'uu qabu ibsuuf biyyoonni garaa garaa toftaalee garaa garaa yeroo fayyadaman mul'atu. Biyyonni baayyeen garuu naamusa abbaa seerummaa abba seeraa tokko irraa eegamu bifa koodiitum tumuun itti fayyadamu.³⁶ Koodiin naamusaa kun biyyoota adda addaa keessatti yeroo tokko tokko mootummaan kan wixineeffamu yeroo ta'u biyyoota baayyee keessatti garuu hirmannaabbooti seeraan kan qopha'u dha.³⁷ Koodiin naamusaa sadarkaa addunyaatti jiruu fi ka'umsa wixnee koodii naamusaa abbooti seeraa biyya baayyee kan ta'e sanada naamusa abbaa seerummaa Bangaloori. Qajeelfamii naamusa abbaa seerummaa sanada kan keessatti ol ka'ame kan koodii naamusaa biyyoota baayyee wal fakkaatu ta'e adda duraan dudhalee bilisummaa, al-loogummaa, Ejjennoo cimaa, Fayyaalummaa, wal qixxummaa, ga'umsa fi dandeetti jedhaman of keessatti qaba.³⁸

Egaa dhimmi ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa kan ka'u abbootin seeraa dudhaalee kana cabsanii yoo mul'atani dha.

Akkuma bilisummaan abbaa seerummaa sirna seeraa tokko keessatti barbaachisaa ta'e ittigafatamummaan naamusaa abbootii seeraas ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf gumaacha ol'aanaa qaba. Qajeelfamoota kana lachaan haala madaalawaan waliin hin deemsifnu taanaan garuu tokko isa kan bira irratti miidhaa geessisuu danda'a.³⁹ Kanaafuu, komiin badii naamusaa abbaa seeraa tokko irratti yeroo dhiyaatu sadarkaa eerun kun dhiyaate irraa kaasee hanga dhumaatti adeemsi kenna murtii seera qabeessaa (due process of the law) fi bilisummaa abbooti seeraa waliin walitti hin buune jiraachu qaba.

Kana malees, namni kamiyyuu adeemsa madaalawaa ta'een dhimma falmii isaa irratti murtii haqa qabeessa ta'e argaachuuf mirga qaba. Mirga dhala namaa irratti sanadoonni fudhatama argatan akka ibsanitti himata fi falmii gosa kamiinu keessatti (Falmii yakkaa, Hariiroo, Naamusaa ykn Bulchiinsaa) namni kamiyyuu mirga qaama ga'umsa fi bilisummaa qabu tokko duratti

³⁶ Canadian Judicial council, (1998), Ethical Principles for Judges Ottawa, Ontario, Ful. 3

³⁷ Madda lak. 24

³⁸ United Nations, Commentary on Bangor Principles of Judicial Conduct Ful.56

³⁹ Madda lak. 24

adeemsa madaalawaa (fair procedure) ta'een dhimmi isaa akka ilaalamuuf mirga qaba.⁴⁰ Sanadoota kana keessaa sanada waada mirga hariiro fi siyaasa addunyaa akkasumas, labsii addunyaa mirga dhala namaa akka fakkeenyatti caqasuuun ni danda'ama.⁴¹ Kanaaf, dhimma itti gafatamummaa naamusaa abbooti seeraa keessattis mirgi kun kabajamuu qaba. Gama biraatiin ammoo, dudhaaleen naamusaa akka kabajamaniif sirni ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa cimaa ta'es jiraachu qaba.

Abbooti seeraan badiin naamusaa yeroo raawwatamu mirga isaan adeemsa falmii madaalawaa ta'e argachuuf qaban kana dhugoomsuufis ta'e bilisummaa abbooti seeraa mirkaneessuuf akkasumas, kabajama dudhaalee naamura abbooti seeraaf adeemsi ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa maal ta'u qaba yaada itti aanee ilaalamu qaba dha.

Dhimma kanaan wal qabsiisee qajeelfamni bu'uura bilisummaa abbaa seerummaa mootummoota gamtoomaniin tumame:

Measures [on discipline] need to be taken, states should consider setting up, by law, a special competent body which has as its task to apply any disciplinary sanctions and measures, where they are not dealt with by a court, and whose decisions shall be controlled by a superior judicial organ, or which is a superior judicial organ itself. The law should provide for appropriate procedures to ensure that judges in question are given at least all the due process requirements of the human rights, for instance that the case should be heard within a reasonable time and that they should have a right to answer

⁴⁰ Hon. Sandra E. Oxner, The world bank legal Review, The Quality of judges. Ful 347

⁴¹ Fakkeenyaaaf, sandadni waada mirga hariiro fi siyaasa addunyaa keewwata isaa 14(1) jalatti yeroo eeru "all person shall be equal before the court and tribunals in determination of any criminal charge against him, or of his rights and obligations in any suit of law, shall be entitled to fair and public hearing by a competent, independent and impartial tribunal established by law" Jedha.

*any charges.*⁴² jechuun eera. Sanadonni bebekamoon adda addaa yeroo adda addaatti tumamaniis yaaduma kana deegaru.⁴³

Yaada sanadoota kanaa irraa hubachuun akkuma danda'amutti itti gafatamummaa naamusa abbooti seeraa keessatti mirga abbootiin seeraa adeemsa falmii madaalawaa ta'e argachuuf qabanii fi bilisummaa isaani giddu galeessa godhate mirkanessuuf kanneen armaan gadii ilaalamu qabu;

1. Adeemsi madaalawaa (Fair procedure) ta'e jiraachu.
2. Qaan ni dhimma komii badii naamusaa ilaaluf ga'umsa qabu, bilisa ta'e fi al-loogummaan hojjetu jiraachu mirkaneessu.

2.1. Adeemsa Madaalawa Itti Gafatamummaa Naamusaa Abootii

Seeraa

Adeemsa madaalawa adeemsa ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa yeroo jennu gama tokkoon, mirga abbaan seeraa badii naamusaan himatame adeemsa falmii keessatti qabuu fi bilisummaa isaa gidduu galeessa godhate kan agarsiisu yoo ta'u, gama biraan ammoo kabajama dudhaalee naamusaaf cimina adeemsi itti gaafatamuummaan naamusa abbooti seeraa qabaachu qabu kan agarsiisu dha. Egaa mata duree kana jalatti ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa dhimmoota kana waliin ilaalla.

Adeemsi ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa adeemsa falmii dhimma hariiro hawwasaa ykn yakkaa waliin kan wal fakkaatu dha.⁴⁴ Kanaaf, adeemsa madaalawaa ittigaftamummaa naamusa abbooti seeraa keessatti jiraachu qabu siritti hubachuuf adeemsa

⁴²United nations, Universal Declaration on the Independence of Judiciary kewt.6

⁴³ Fakkeenyaaaf, "The European charter on the statute for judges" sanada jedhamu fi "principles and Guidelines on the right to fair trial and legal assistance in Africa" kanneen jedhaman akka fakkeenyatti caqasuun ni danda'aama.

⁴⁴ Randy J. (2000), Judicial discipline: Independence with accountability Ful. 5

kana bakka sadiitti hirree haa ilaallu; Ka'umsaa fi adeemsa qorannoo badii naamusaa, Adeemsa murtii dhimma naamusaa fi Adeemsa murtii dhimma naamusaa booda.

2.1.1. Ka'umsaa fi Adeemsa Qorannoo Badii Naamusaa

Adeemsi falmii naamusaa abbooti seeraa yeroo hundaa komii ykn eeru raawwii badii naamusaa irraa jalaqba.⁴⁵ Bifi komiin itti dhiyaatu biyyaa biyyaatti adda adda. Kunis haala ummataa fi/ykn aadaa seeraa biyyichaa waliin kan wal qabatu ta'u danda'a.⁴⁶ Fakkeenyaaaf, biyoonni tokko tokkoo haala aadaa seera isaanii fi uummata isaanii irratti hunda'uun adeemsa cimaa kan hordofan yoo ta'u, kanneen biroon ammoo adeemsa salphaa fayyadamu.⁴⁷ Adeemsa cimaa jechuun komiin badii naamusaa abbaa seeraa tokko irratti dhiyaatu barreefamaan ta'ee nama komii dhiyeessu sanaan kan malata'u dha. Kanaafs Amerikaan fakkeenyaa gaari taati. Biyyoota adeemsa salphaa hordofan keessatti komiin badii naamusaa afaniin, bilibilaan, ykn karaa biroon ta'u danda'a.⁴⁸

Hata'utii garuu, komiin badii naamusa bifaa kamiinu dhiyaatu odeeffannoo gadi fageenya qabuun kan deegarame ta'u qaba.⁴⁹ Fakkeenyaaaf, badiiwan naamusaa raawwatan odeefannowwan adda addaa dhimmicha madaaluuf gargaaran, maqaa fi teesso ragaa baatotaa fi kkf of keessatti qabachuu qaba. Sababiin isaa, dhimma kana seeraan dursanii ol ka'uun baasii fi dhamaati baayyee malee badii naamusaa komatame qulqulleessuuf kan dandeessisu ta'urraa darbee badiin naamusaa raawwatame dhabiinsa odeefannowwan kanneen irraa kan ka'e akka hin milqineef gargaara.

Gama biraatiin, mirga falmii madaalawaa abbaa seeraa komiin badii naamusaa irratti dhiyaate fi bilisummaa isaa waliin wal qabatee sadarkaa kana irratti kan ka'u dhimma qorannoo komii naamusati.

⁴⁵ Madda lak. 32

⁴⁶ Dasaa Bulchaa fi Alaamaayyoo Taganee, (2000), Raawwanna fi qabiyee danbii naamusa abbooti seeraa Oromiyaa, mana kitaaba Inistiityutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qorannoo seera Oromiyaa ful. 31

⁴⁷ Madda lak. 36

⁴⁸ Madda lak. 36

⁴⁹ Madda lak.38

Adeemsi qorannoo itti gafatamummaa naamusaa mirga abbaa seeraa komiin irratti dhiyaate kan sarbu fi/ykn bilisummaa isaa miidhu ta'u hin qabu.⁵⁰ komii naamusaa dhiyaate irratti qorannoong gaggeefamuun himannaan abbaa seerichaa irratti dhiyaachun duratti adeemsi calallii komii naamusaa jiraachu qaba.⁵¹ Komiin naamusaa waan dhiyaate qofaaf himannaan naamusaa abbaa seeraa irratti dhiyaachu hin qabu. Sababni isaa, abbootin dhimmaa ykn namoonni biroon komii dhiyeessan dhugaa osoo hin qabaatin maalif naa murta'uu oole sababa jedhu qofaan yaada hammeenyaatiin ykn sobaan abbaa seeraa tokko irratti komii dhiyeessu danda'u. Yookan ammoo komiin dhiyaate dhimma naamusaa osoo hin ta'in dhimma hiikka seeraa ol-iyyannoona ilaalamu qabu ta'u danda'a.

Kana malees, komiin badii naamusaa sadarkaa adeemsa calattii irra darbe yeroo qoratamu haala icitummaa isaa eegateen ta'u qaba.⁵² Dhimma kana ilaalichisee abbaan seera tokko yeroo ibsu:

"The proceedings of investigation shall be confidential unless the judge being investigated waive this confidentiality right"⁵³ jechuun eera.

Dhuma irratti waa'ee qaama komii badii naamusaa dhagayuun qorannoo barbaachisaa ta'e gaggeessuuf angoo qabu kana yoo ilaallu, qaamni sadarkaa kanatti dhimmoota jiran hogganuun himanna dhiyeessu qaama bilisa ta'ee fi qaama qaama murtii laachuuf aango qabu irraa adda kan ta'e ta'uu qaba.⁵⁴ Sababiin isaa, qaamni qorannoo komii naamusaa gaggessee himanna naamusaa dhiyeessuuf angoo qabu qaama dhimma sana irratti murtii laatu wajjin tokko yoo ta'e bilisummaa abbooti seeraa dhiibu irra darbee qajeelfama namni tokko dhimma isaa irratti abbaa seeraa ta'uu hin danda'u jedhu waliin kan wal hin simne dha.⁵⁵

2.1.2. Adeemsa Murtii Dhimma Naamusaa

⁵⁰ Madda lak. 28 Ful. 348

⁵¹ Madda lak. 24 Ful. 33

⁵² J.A.G.Griffiti, The poletics of Judiciary, max.3ffa Ful.199

⁵³ Madda lak. 44

⁵⁴ Madda lak. 28 Ful. 349

⁵⁵ Madda lak.44 Ful 125

Abbaan seeraa badii naamusaa raawwachuun himatme tokko murtii badii naamusaa kana irraa kan ka'e hojii irraa gaggeefamuu, yeroof hojiirra dhorkamuu ykn adabbii naamusaa biraan adabamuu kan danda'u dursee adeemisi kenna murtii seera qabeessaa fi madaalawaa ta'e yoo jiraate qofa.⁵⁶

Adeemisi kenna murtii mirga abbaan seerichaa adeemsaa madalawa ta'e argachuuf qabu kan dhiphisu fi/ykn bilisummaa isaa miidhu ta'u hin qabu. Dhimma kana ilaalichsee qajeelfamni bilisummaa abbaa seerummaa mootummaa gamtoomaniin qophaa'e:

*"A charge or complaint made against a judge in his/her judicial capacity shall be processed expeditiously and fairly under an appropriate procedure. The judge shall have the right to a fair hearing"*⁵⁷ jechuun ibsa.

Himannaan badii naamusaa tarreefama ga'aa waa'ee komichaa gadi faggeenyaan ibsu guyyaa dhagaha dhimma naamusaan dura dafee abbaa seeraa komiin naamusaa irratti dhiyaate qaqqabuu qaba.⁵⁸ Abbaan seeraa himanni irratti dhiyaate kun yeroo gabaaba malu keessatti dhimmi isaa ilaalamuu qaba. Akkasumas, abbaan seera kun ragaa isarratti dhiyaate kamiyyuu ilaalu, shaayidaa isarratti dhiyaate gaafachuu, ofirraa ittisuuf ragaa isa dandeessisu dhiyeeffachuu ykn dhiyeessisu fi shaayidoonni isaa dhiyaatanii akka isaaf dhagahaman gaafachuu mirga qaba.⁵⁹ Kana malees, abbaan seeraa badii naamusaan himatame tokko badii naamusaa ittiin himatame rawwateera ykn hin raawwanne jechuuf ragaa amansiisa fi ifa ta'een mirkana'u qaba.⁶⁰ Waldaan ogeessota seeraa Amerikaa yaada kana yeroo ibisu;

"Judicial (and lawyer) disciplinary cases are neither civil nor criminal in nature but are sui generis. And the evidence brought on decpline accusation must be clear and convincing.

⁵⁶ Madda lak. 44

⁵⁷ United Nations, Basic Principles on the Independence of the Judiciary. Kewt. 17

⁵⁸ United Nations Instrument: International Instrument on the Independence and Accountability of Judges and Prosecutors. Fu. 11-12

⁵⁹ Madda 49 fi 50 ilala.

⁶⁰ American bar association, Model Rules for judicial disciplinary enforcement, mhtm:file:/E:/rules%20 regvlation /Dx htm. Ful. 2

"Clear and convincing evidence" is a standard of proof higher than the civil law "preponderance evidence standard" and lower than the criminal law "beyond a reasonable doubt standard"⁶¹ jechuun dubbata.

Egaa bakka mirgoleen kun hin kabajamneetti waayee kabajama bilisummaa abbooti seeraa dubbachuun hin danda'amu.⁶²

2.1.2.1. Adabbii Badii Naamusa

Abbaan seeraa badii naamusaan himatamee murtiin balleessummaa itti murta'e adabamuun isaa kan hafu miti. Haata'u iyyuu malee, adabbiin badiin naamusaa fi badiin naamusaa raawwate kan wal madaalu ta'u qaba.⁶³ Fakkeenyaaaf, abbaa seeraa tokko hojii irraa gaggeessuun adabbii cimaa yoo ta'u haala seeraan dursee ka'ameen abbaan seeraa sun sababa hir'ina gahumsaa ykn naamusa isaa irraa kan ka'e ittigafatamummaa abbaa seerummaaf nama gitu miti kan jedhamu yoo ta'e qofa.⁶⁴ Akka muuxannoon jiru addeesutti abbaa seeraa tokko sababa badii naamusaan hojjirra gaggeessuun asitti akkuma ulfaatina badichaatti adabbiin badii naamusaa jiraachu qaba.⁶⁵ Fakkeenyaaaf, abbaa seerichaa dhuunfaatti ykn ummatatti baasanii cephauu, hojii irraa yeroo muraasaf dhorkuu, dirqiin soorama baasu, hal-dureen hojjechisuu fi adabbii maallaqaan adabuu kanneen jedhaman ni caqasamu.

2.1.3. Adeemsa Murtii Dhimma Naamusa Booda

Abbaan seeraa tookko badii namusaa himatameen erga adabamee booda mirgi inni murtii kanaan booda qabu mirga ol-iyyanooti. Abbaan seeraa badii naamusaan adabame tokko

⁶¹ Madda lak. 52

⁶² Madda lak. 41 ful. 11

⁶³ Eropean Union, The European charter on the statute for judges, kewt.5

⁶⁴ Dhimma kana irratti qajeelfamni bu'uura bilisummaa abbaa seerummaa mootummoota gamtoomanii keewwata isaa 18 jalatti yeroo ibsu: "judges shall be subject to suspension or removal only for reasons of incapacity or behavior that renders them unfit for judicial work" jechuun eera.

⁶⁵ Human right in the Adminstration of justice: A Manual on human rights for judges, procecutors and lawyers. Ful 130 akkasumas madda lak. 33 ilaala.

murticha irratti komii yoo qabaate qaama ol jiruuf ol-iyyata dhiyeffachuuf mirga qaba.⁶⁶ Mirga kana dhugoomsuuf ammoo komii kana dhaga'uuf qaamni of danda'ee hundeesame jiraachuun dirqama.

3. Waa'ee Qaama Murtii Badii Naamusaa Murteessuuf Aangoo Qabuu.

Adeemsa kenna murtii badii naamusaa keessatti bilisummaa abbooti seeraa mirkaneessuuf qaamni badii naamusaa abbooti seeraa irratti murtii dabarsuuf aango qabaachu qabu eenu yaadni jedhu ilaalamu qaba.

Biyyoota heedduu keessatti qaamni abbaa seerummaa qaama mootummaa keessaas tokko ta'ee yeroo hundeefamu dhimmi yeroo baayyee falmisiisu dhimmi mana murtii keessattu dhimmi abbooti seeraa eenyun hogganamuu qaba yaada jedhu dha.⁶⁷ Dhimma kana keessaas dhimmi kallatiin ka'u dhimma ittigaafatamuummaa naamusaa abbooti seeraati. Keessattuu badii naamusaa abbootin seera raawwatan irraa kan ka'e murtii adabbii hojiirra gaggeefamu abbooti seeraa dabarsuuf qaamni angoo qabaachu qabu eenu ta'u qaba dhimmi jedhu yeroo baayyee dhimma falmsiisa ta'a.⁶⁸ Kunis kallatidhaan dhimma addaan ba'umsa angoo qaamolee mootummaa fi bilisummaa abbaa seerummaa wajjiin dhimma hariiro qabu dha.

Haata'uti, bulchiinsa mana murtii kaan dabalatee abbootiin seeraa badii naamusaa yeroo raawwatan ittigafatamuummaa naamusaa abbooti seeraa kana dhugoomsuuf qaama aangoo qabu ilalichsee sadarkaa addunyaatti akkayyaa adda addaatu jira.

Akkayyaan inni jalqabaa itti gafatamummaan naamusaa abbooti seeraa seera raawwachiftuu mootummaatiin hogganamuu qaba kan jedhu yeroo ta'u biyyoota akka Noorwayii fi

⁶⁶ Qajeelfamni bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa mootummoota gamtoomaniin bahe kewwata isaa 20 jalatti “Decisions in disciplinary, suspension or removal proceedings be subject to an independent review” jechuun itti fufee ammoo “this requirement will not be applied in decisions of the highest (court and those of the legislature in impeachment or similar proceeding” jechuun eera.

⁶⁷ Madda lak. 44 Ful 8

⁶⁸ Madda lak. 56

Awustaraliyaatin fudhatama argateera.⁶⁹ Haata'uyyu malee, akkayyaan kun yaada bu'uraa bilisummaa abbaa seerummaa jedhoo wajjiin kan wal hin simne waan ta'eef biyyoota addunyaa baayyee biratti fudhatama hin qabu.⁷⁰

Akkayyaan inni lammafaan dhimmi ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa qaama mootummaa kan bira osoo hin dabalatiin abbooti seeraa qaamuma abbaa seerummaa irra walitti boba'an qofaan hoganamu qaba kan jedhu yemmuu ta'u akkayya armaan olitti ibsame caala hanga tokko fudhatama qaba.⁷¹ Akkayya kana irratti komii ka'u keessaa dhimmi ittigafatamummaa mana murtii qofaan kan hooganamu yoo ta'e wal to'achuu qaamolee mootummaa giddu jiraachu qabu miidhu irra illee darbee abbooti seeraa dhibbaa hoggantootaaf isaan saaxiluuf gumaacha qaba kan jedhu komii hangafaati.⁷²

Akkayyaan inni sadaffaa fi inni dhuma ittigafatamummaan naamusaa abbooti seeraa qaama qaamolee mootummaa sadan irra walitti dhufaniin hogganamu qaba yaada jedhu kan qabatu yeroo ta'u, biyyoota addunyaa baayyee biratti fudhatama qaba.⁷³ Bifuma wal fakkaatun barreefamonni fi waligalteewan addunyaa adda addaa dhimma bulchiinsa mana murtii dabalatee abbootin seeraa badii naamusaa yeroo raawwatan ittigafatamummaan naamus Isaani qaama qaamolee mootummaa sadan irra walitti dhufanii miseensa mana murtii sagalee caalama qabaatuun hogganamu akka qabu ibsu.⁷⁴

Kana malees, akkuma falmii gosa bira falmii badii naamusaa irratti abbootin seeraa mirga qaama ga'umisa qabu, bilisummaa fi al-loogummaan hojjetu fulduratti dhagahamuu qaba.⁷⁵ Keessattu bilisummaa abbooti seeraa dhugomsuuf dhimmi abbooti seeraa qaama ol'aantumma

⁶⁹ Madda lak.19 Ful. 174

⁷⁰ Madda lak. 61

⁷¹ Madda lak. 19. Fu. 175

⁷² Edward Lawson (1991). Comments On Draft Decaration On The Independence And Accountability Of Judiciary. New York: Taylon And Fransis. Ful. 104-110

⁷³ Madda lak. 19 Fu. 177

⁷⁴ Fakkenenyaaaf, wixinee labsii mootummoota gamtoomanii dhimma bilisummaa fi al-loogummaa manneen murtii irratti wixineefama isaa tokko

⁷⁵ Madda lak. 57. Ful. 9

qaama seera rawwachiftuu fi seera tumtuu irraa bilisa ta'een hogganamuu qaba yaadni jedhu yaada bu'uura bilisummaa abbaa seerumma ti.⁷⁶

Kanaafuu, qaamni dhimma badii naamusaa abbooti seeraa irratti murtii murteessu qaama mirga abbooti seeraa kana dhugoomsuu fi bilisummaa isaani mirkaneessu ta'u qaba.

Kana irraa ille darbee, sanadonni sadarkaa addunyaatti fudhatama argatan qaamni dhimma naamusa abbooti seeraa ilaalu kun qaama miseensa abbooti seeraa sagalee caalma qabuun hogganamuu ta'u akka qabu dubbatu.⁷⁷ Kana malees, miseensonni abbooti seeraa qaama kana keessatti bakka buufaman hirmanna abbooti seeraan kan filataman ta'uu qabu.⁷⁸

⁷⁶ P.H. Russel et at (2001), Judicial Independence and Accountability in the age of democracy. Ful. 2

⁷⁷ Fakkeenyaaaf, sanadni qajeelfama bu'uura bilisummaa abbaa seerummaa mootummaa gamtoomanii "The dereliction by a judge of one of the duties expressly defined by the statute, may only give rise to sanction up on the decision of a tribunal or authority composed of at least as to one half members of judges..." jechuun dubbata.

⁷⁸ Madda lak.32 Ful. 348

BOQONNAA SADII

Ittigafatamummaa Naamusaa Abbooti Seeraa Oromiyaa

1. Caasefama. ⁷⁹

Bara 1983 mootummaan sirna tokkichaa hordofaa ture erga kufee booda mootummaleen naannoo heeraan hundefamanii jiru. Mootumaalee naannoo hundefamman kanneen keessaas mootummaan naannoo Oromiyaa isa tokko yoo ta'u, mootummaaleen naannoo hundi casefama mataa mataa isaani kan qabani dha.

Mootummaan naannoo Oromiyaa caasa mootummaa akka naannootti hundeesse keessa tokko manneen murtii ti. Manni murtii kunis akka naannootti yeroo jalqabaaf kan hundeessame labsii lak. 3/1985n yoo ta'u labsiin kun labsii lak. 6/1988n foyya'eera.

Bu'ura keewwata 23(3) labsii Kanaatiin gumiin bulchiinsa naannoo Oromiyaa koodii fi danbii naamusa abbaa seerummaa akka baasuuf aangoon seeraan latameraafi. Haata'uti garuu, gumiin bulchiinsa abbooti seeraa seeraan hunda'ee haa jiraatuyyu malee hanga bara 2001tti koodiin seeraan koodifa'id ta'ee hojiirra oole hin turre.

Bifuma wal fakkaatuun, danbiin naamusa abbooti seeraa kunis yoo ta'e hanga bara 1994tti bahee hojiirra oole hin turre. Kana jechuun manni murtii seeran hundefamee hojii isaa haa jalqabu malee, waggoota dheeraaf (yeroo waggaal kudhan ta'uuf) danbiinis ta'e koodiin dhimma namusaa abbootii seeraa irratti tumamee waan hin turreef naamusa abbooti seeraa dhugomsuuf xiyyefannaan godhame tokko illee akka hin jiraanne addeessa.

Bara 1994 keessa gumii bulchiinsa abbooti seeraa cimsuuf labsiin lak. 54/1994 kan bahe yoo ta'u, labsii kanaanis gumiin bulchiinsa abbooti seeraa Oromiyaa danbii naamusa abbaa seerummaa akka baasu fi hojiirra oolma isaas akka hordofuuf aangoon bu'ura kewwata 7(5) labsichaan laatameerafi. Bu'uruma kanaan, gumiin kun danbii rawwannaa hojii fi naamusa abbooti seeraa Oromiyaa yeroo jalqabaaf labsii lak. 1/94n baasee hojiirra akka oolu taasiseera.

⁷⁹ Dasaa Bulchaa fi Alamayyo Taganee, Raawwannaa fi Qabiyyee danbii naamusa abbooti seeraa naannoo Oromiyaa, Mana Kitaaba Inistiityutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa Fu. 12.

Boodas danbii kana danbii naamusa abbaa seerummaa labsii lak. 1/95niin fooyesseera. Danbiin naamusaa kun naamusa abbaa seerummaa naanuchaa yeroo isa dura ture irra hanga tokko fooyessuuf shoora ol'aana fudhatee tureera. Danbiin naamusa abbaa seerummaa kunis bara 2001 keessa labsi lak. 2/2001n foyya'ee tumamuun yeroo ammaa hojiirra jira. Kana malees, koodin abbooti seeraas yeroo jalqabaf Ebla bara 2001 keessa tumamee yeroo amma hojiirra oleera.

Dhimma danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusa abbaa seerummaa yeroo ilaallu ammoo, sirna kana ilaalichisee danbiin mataa isaa danda'ee tumame yeroo dheeraaf hin turre. Danbii naamusaa labsii lak. 1/94n tumamee hojiirra ture keessattis ta'e danbii naamusaa abbaa seerummaa labsii lak. 1/95 niin tumamee yeroo dhiwoo keessa jijjirame keessatti yoo ilaalle, sirni qorannoo fi falmii badii naamusaa mataa isaa danda'e osoo hin taane qaamuma danbii naamusa abbaa seerummaa keessa tokko ture. Kanaafuu, sirna kanaaf baroota darban keessatti xiyyefannaan godhame kan danbii naamusa abbaa seerummaaf yeroo yerootti godhamaa turee armaan duratti ibsame irra adda miti. Haaluma danbiin naamusa abbaa seerumma jijjiramaa fi yeroo dhaa yerootti foya'aa tureen sirni qorannoo fi falmii naamusas yeroodhaa gara yerootti foya'aa dhufeera. Haa ta'uuyu malee, sirni kun danbii mataa isaa danda'e ta'ee tumamuun isaa seenaa nannichaa keessatti labsiin lak. 03/2002 isa jalqabaatii.

2. Qabixilee Bu'uura Naamusa Ilaallatan

2.1. Dudhalee Bu'uura Naamusa Abbaa Seerummaa Oromiyaa

Haqa jiru eegufs ta'e haqa dhokate baasuuf qaamni seera siritti hiikuun hojiirra oolchu danda'u jiraachu qaba. Gama kanaan ammo gaheen abbooti seeraa irratti gatame ol'aana dha.⁸⁰ Kana dhugoomsuuf ammo ilaalchi addaa ittigafatatummaa naamusa abbooti seeraa irratti godhamuu akka qabu iskoolaarronnii adda addaa yeroo adda addaatti ni ibsu.⁸¹ Kana galmaan ga'uuf naamusni tokkoon tokkoon abbooti seeraa irraa eegamu dursee seeraan tumamuu qaba.

⁸⁰ Sader E. Oxner, (2003), Law And Justice For Development (Vol.1), The Hagve/London/New York: The World Bank Ful. 341.

⁸¹ Madda lak. 2. Ful. 309

Dudhaalee naamusaa abbooti seeraa irraa eegamu seeraan tumuun naamusni abbaa seeraa tokko irraa eegamu maal akka ta'e ykn maal ta'uu akka qabu abbooti seeraa waan hubachisuuf amala isaanii kallatii sanaan akka qaraniif isaan gargaara.⁸² Kana malees, naamusaa abbooti seeraa irraa eegamu dursanii seeraan tumuun ummanni abbooti seeraa irraa naamusaa akkami akka eegamu hubachuun naamusni abbooti seeraa madaallii ummaataan akka madalamuuf carraa uuma.⁸³

Gama biraan, murtii haqa qabeessa dhugoomsuun mirgi dhala namaa akka kabajamuufs ta'e amantaa ummanni manneen murtii irratti qabu gabbisuuf naamusaa abbooti seeraa qaruun sadarkaa addunyaa irrattis yaada fudhatama argate dha.⁸⁴ Kana galmaan ga'ufs hojiiwwan hojjetaman keessa tokko dudhaaleen naamusaa abbooti seeraa maal ta'uu akka qabu baasu dha. Akka waliigalatti qabxii kana ilalichisee sadarkaa addunyaa irratti walta'insi jira jechuun ni danda'amaa.⁸⁵

Gumiin bulchiinsa abbooti seeraa Oromiyaas naamusaa abbooti seeraa irraa eegamu bifa koodiitiin tumee jira. Dudhaaleen koodii kana keessatti hammataman dudhaalee naamusaa abbaa seerummaa sadarkaa addunyaa irratti fudhatama argatan waliin kan wal fakkatu dha. Kanneenis: bilisummaa, al-loogummaa, amala mudaan hin qabne/amanamummaa, fayyalummaa/amala gaarii, wal qixxummaa, gahumsa/dandeetti, fi miira tajajltummaa fi kaka'umsa hojii qabachuu kanneen jedhamani.⁸⁶

Egaa abbootiin seeraa naannoo Oromiyaa hojii abbaa seerummaa isaani keessatti dudhaalee naamusaa kana kabajuutu irra jira. Kun ammoo, akka seensa koodichaa irraa hubachuun danda'amutti, murtii haqa qabeessa laachuun dantaa uummataa kabachisuuf shoora o'lanaa qaba.

⁸² Canadian Judicial council, (1998), Ethical principles for Judges, Ottawn, Ontario. Ful. 3

⁸³ Madda lak. 1. Ful. 55

⁸⁴ Jeffery M. Sharman, (1996), Judicial Ethics: Independence, Impartiality And Integrity, Inter-American Development Bank, D.C Ful. 17

⁸⁵ Madda lak. 1 Ful. 55

⁸⁶ Koodii Naamusaa abbaa seerummaa Ful. 2-11 ilaala.

2.2. Badiiwwan Ykn Hir'ina Naamusa Abbooti Seeraa Oromiyaa

Dudhaaleen koodii naamusa abbaa seerummaa keessatti tarreefaman kan mataa isaanitiin ittigafatamummaa naamusaa hordofsiisan miti.⁸⁷ Kanaaf danbiin koodii kanatti human godhu tokko jiraachuun dirqama. Kaayyoo inni guddaan dudhaalee kana koodii naamusaa keessatti ka'uun barbaachiseef itti gafatamummaa abbooti seeraa hordofsiisuuf osoo hin taane abbooti seeraa amala hojii abbaa seerummaaf isaan irraa eegamu hubachisuuf.⁸⁸ Kana malees,koodii kana keessatti dudhaaleen naamusa abbaa seerummaa haala waliigalaatiin ta'u; dudhaalee kana akkuma jiraniin hojiirra oolchuun hin danda'ama.⁸⁹ Kanumaaf jecha dudhaalee naamusaa koodii keessatti ol ka'aman kana bu'uura godhachuun ittigafatamummaa naamusaa hordofsiisuuf tumaaleen bifa danbiitiin bahan barbaachisoo dha. Tumaaleen kunis baddiwwan/hir'innoota naamusaa jedhamu danda'u.

Abbootiin seeraa dudhaalee naamusaa koodii keessatti tarreefaman dhaddacha irrattis ta'e dhaddachaan alatti yoo cabsan ittigafatamummaa naamusaa hordofsiisuuf gumii abbooti seeraa Oromiyaa badiiwwan naamusaa danbii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii labsii lak. 2/2001 keessatti tumee jira.

Danbiin kun badiiwwan naamusaa abbooti seeraa qofa osoo hin taane badiiwwan naamusaa mudamtoota gumii kanneen biroo illee kan of keessatti qabatu dha. Hata'uti, danbichi badiiwwan naamusaa badii naamusaa xixiqqoo, badii naamusaa salphaa fi badii naamusaa cimaa jechuun bakka sadiitti quodera.⁹⁰

⁸⁷ American Bar Association, Model Rules For Judicial Disiplinary Enforcement, US, Ful. 1

⁸⁸ Madda lak. 4

⁸⁹ Madda lak. 1. Ful. 9

⁹⁰ Danbii naamusa abbooti seeraa fi muudamtoota gumii lak. 2/2001 Ful. 16, 22 fi 28

Dhimmi badii naamusaa danbicha keessatti boqonnaa lamaffaa irratti kan ilaalame yoo ta'u, kutaa jalqabaa boqonnaa kanaa irratti badiiwan naamusa xixiqqoo jedhaman tarreefamaniiru. Gosti badiiwan kanaa badiiwan naamusa abbooti seeraan raawwachuu danda'an kan of keessatti qabu yoo ta'e illee irraa jireessaan gosoota badiiwanii muudamtoota gumii biroon raawachuu danda'ani dha.⁹¹ Badiiwan naamusaa kun umamuma isaanii irraa hubachuun akka danda'amutti badiiwan guyyadhaa guyyatti mudachuu danda'ani dha; adabiin isaaniis haluma sanaan gad-aanaa dha.

Gosi badii naamusaa inni lammafaan badii naamusa salphaa yoo ta'u, beellama baayisuu, kabaja mana murtii eegu dhabuu, falmitoota to'achuu dhabuu, obsaan dhaggeffachuu dhabuu, wali galteen hojjechuu dhabuu, dhimmoota filachuu, dhaddacha ifa ta'etti hojjechuu dhabuu, hojji dabalataa hojjechuu dhabuu fi badiin naamusaa yeroo rawwatamu kan arge gabaasa gochuu dhabuu badiiwan jedhaman of keessatti qabata.⁹²

Gosi badii naamusaa kan biraan danbichaan hamtiinsa argate badii naamusaa ciccimoo yoo ta'u, gosoota badii naamusaa hunda caala ulfaato ta'an kan of keessatti qabu dha. Kanneenis: ta'e jedhanii seera dabisuu, abbooti dhimma wal qixa keessummeessuu dhabuu, dhaddacha irrattis ta'e dhaddachaan alatti lola kaasu, kenna murtii irratti abbaan seeraa tokko yaadan yoo adda bahu yaada isaa murtii keessatti ka'u diduu ykn bifa hamilee fi kabaja abbooti seeraa kaan miidhuun yaada isaa murtii keessatti ibsuu, icitii murtii ifatti hin dubbifamne eegu dhabuu, dhimma seeraan ilaalu hin qabne ilaalu, matta'a fudhaachuu, angoon gar-malee fayyadamuu, amalajiidhaan hojjechuu fi miseensa dhaaba siyaasa ta'u dha.⁹³ Gosi badiiwanii kun gosa adabbii abbaa seeraa tokko hojiirra akka geggefamu gochuu danda'ani gosa badiiwaan kaan caala kan of keessatti qabatu dha.

3. Adeemsa Naamusa (Displinary Procedure)

⁹¹ Madda lak. 12. Kewt. 4-23 ilaala.

⁹² Madda lak. 12 kewt. 24-42 ilaala.

⁹³ Madda lak. 12 kewt. 43-52 ilaala.

Sirna abbaa seerummaa tokko keessatti ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa dhugoomsuuf kodii fi danbii badii naamusaa tumuun qofaa isaa ga'a miti; abbooti seeraa tumaa koodii fi/ykn danbichaa darbaniif ittigafatamummaan naamusaa hordofsiisuuf jecha danbiin sirnii fi adeemsi naamusaa keessatti tumame jiraachu qaba.⁹⁴

Adeemsi seeraan tumamu kunis ta'e hojiirra oolmaan isaa ammoo gama tokkoon bilisummaa abbooti seeraa kan hin tuqne fi mirga abbootin seeraa falmii himanna naamusaa irratti qaban kan hin miine ta'u yeroo qabaatu gama biraan ammoo, ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa kan dhugomsu ta'u qaba.⁹⁵ Haaluma kanaan, kutaa kana keessatti gama hammatiinsa seeratiins ta'e gama hojiirra oolma isaatiin sirni adeemsa naamusaa abbooti seeraa Oromiyaa hammam tokko mirga, bilisummaa akkasumas ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa dhugoomsa jira kan jedhu xinxalla. Yaadota kana haala ifa ta'een adeemisicha keessatti hubachuuf akka nuu tolutti deemsaa naamusaa kana akka armaan gadiitti bakka sadiitti qoodnee ilaalla.

3.1. Ka'umsaa fi Adeemsa Qorannoo Badii Naamusaa

3.1.1 Sirna Qorannoo Hanqina Naamusaa

3.1.1.1 Qaama Qorannoo Hanqina Naamusaa Gaggeessu.

Ittigafatamummaa gama naamusaa kanaan jiru haala bilisummaa abbooti seeraa hin tuqneen dhugoomsuuf qorannoon badii naamusaa abbaa seeraa hanqina naamusaa shakkame irratti gaggeefamu haala iftooma fi qajeelfama bilisummaa abbaa seerummaa bu'uura godhateen ta'u akka qabu yaada hunduu irratti walii galu dha. Haalewwan kana keessaas qaama qorannoo hanqina naamusaa gaggessu addaan baasuu fi angessuun isa tokko.⁹⁶

Akka naannoo Oromiyaatti dhimma kanaan wal qabatee seerri roggummaa qabu labsii gumii bulchiinsa abbooti seeraa irra deebi'e hundessuuf lak. 142/200n tumame dha. Bu'uura labsii

⁹⁴ Madda lak. 9 Ful. 11

⁹⁵ International commission of Jurist (2004), International principles on the Independence and accountability of Judges, lawyers and prosecutors Geneva, switherland. Ful. 54

⁹⁶ Madda lak. 17 Ful. 57

kanaatiin hanqina naamusaa abbooti seeraa qorachuudhaan ittigafatamummaa naamusaa dhugoomsuuf gareen imaana fudhate garee qajeelcha qorannoo fi Inspeekshinii naamusaa abbooti seeraati.⁹⁷

Labsii kana kewwata 15 fi 25 irraa hubachuun akka danda'amutti gareen inspeekishinii nannoos ta'e godinaa iyyannoo fi komii kenniinsa tajajila manneen murtii fi naamusaa abbooti seeraa simachuun qorannoo gaggeessuu irra darbee himata ofiin kaasuun dhimmicha irratti qorannoo gaggeessuu ni danda'a. Kanaaf,dhingga hanqina naamusaa dhiyaatu kamiyyuu irratti angoo komii dhagahuu fi qorachuu kan qabu garee inspeekshiniiti jechuun ni danda'ama.Danbiin sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa hawwasa manneen murtii Oromiyaas yaaduma kana deeggara.⁹⁸

Haata'uuyyu malee, bu'uura danbii kanaatiin komiin ykn iyyannoон dhimma gahumisa, dandeettii, hooggansaa fi rakkoon fayya abbooti seeraa kallatiin kan dhiyaatu garee inspekishiniif osoo hin taane walitti qabaa gumii naannootiifi. Dhimoota kana irratti qorannoo gaggeessuu ilalichisees qaamni angoo qabu gumiidhuma kanaan addatti kan tumamu waan ta'eef angoo garee inspeekishinii miti.⁹⁹ Kanaaf sadarkaa godinaa irrattis ta'e sadarkaa naannotti gareen inspeekishinii dhimoota kana irratti komii fuuchuus ta'e qorannoo gaggesuu hin danda'u.

Yaadni kun ammoo dabareedhaan maaliif dhimoota kana keessattu dhimma dandeetti fi gahumsaa adda baasuun komii dhimoota kana irratti ka'u qorachuuf qofaatti qaama biraa hundeessuun barbaachisee yaada jedhu hordofsiisa. Moo tarii dhimmonni kun (dhimmi gahumsaa fi dandeettii) dhimoota dhimma naamusaa waliin wal qabatan miti.

⁹⁷ Labsii gumii bulchiinsa abbooti seeraa Oromiyaa irra deebi'anii dhaabuuf bahe lak. 142/2000. Kewt. Kew.15 fi 25

⁹⁸ Danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa hawwasa mannen mrutii Oromiyaa lak. 03/2001. Kewt. 4(3) ilala.

⁹⁹ Madda lak. 20 kewt. 4(4) ilala.

Dhimma kanaan wal qabatee miseensota danbicha tume tokko tokko irraa hubachuun akka danda'ametti dhimmi kun dhimma yaada heera bu'uura godhate dha.¹⁰⁰ Kunis heerri mootummaa federaalas ta'e kan naannoo Oromiyaa sababoota abbooti seeraa hojiirraa akka gaggeefaman godhu yeroo ibsu dhimmi naamusaa fi dhimmi dandeettii (gahumsaa) dhimmoota adda addaa akka ta'anii fi tokko akka hin taane hubachisaa. kunis, fakkeenyaaaf, heera mootummaa federaalaa keewwata 79(4)(a) yoo ilaalluu dhimma naamusaa fi dhimmaa dandeettii waltii hiitu "yookin" jedhuun kan walitti hidhe waan ta'eef dhimmonni kun tokko akka hin taane hubachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, dhimmi naamusaa koodii fi danbiin tumamee garee inspeekshinii fi garee gumtiin kan hojiirra oolu yoo ta'u, dhimmi dandeetti fi gahumsaa garuu madalli rawwanna hojii abbootii seeraan kan dhugoomu dha. Kanaaf, dhimmi dandeetti fi gahumsa dhimma naamusaa osoo hin taane dhimma bulchinsati. Dhimmi bulchinsaa ammoo irra jireessaan angoo gumii walii gala waan ta'eef, angoon isaaf laatame.Hata'uyyu malee, bu'uura adeemsa kanaan dhimmota kana irratti murtiin gareen gumii waliigala laatu murtii dhuma waan ta'eef mirga ol iyyanno kan dhiphisu dha.

Gama biraan ammoo, dhimmi dandeetti fi gahumsaa kan dudhaa naamusa abbootii seeraa keessatti hamaatama moo miti jennee sanadoota fi muuxannoo biyyoota addunyaa yoo ilaalle, yaada armaan olii wajjiin kan wal simu hin ta'u. Dhimma kanaan wal qabsifnee sanadoota addunyaa yoo xinxalle, dudhaaleen naamusa abbooti seera irraa eegamu maal maal ta'u qaba isa jedhu hubachuuf ka'umsa dudhaalee naamusaa abbooti seeraa biyya baayyee kan ta'e dudhaalee naamusaa abbooti seeraa Bangaloor ilaaluun ga'a ta'a. Bu'uruma kanaan dhimmi gahumsa fi dandeetti abbooti seeraa dudhaalee naamusaa abbooti seeraa irraa eegamu keessaa tokko ta'un sanada kan keessattii beekamtii argatera.¹⁰¹ Koodiin naamusaa abbooti seeraa biyyoota addunyaa baayyeenis yaaduma kana deeggara. Egaa abbaan seeraa tokko ittigafatamummaa itti kenname bahachuudhaaf guhumisaa fi dandeetti dabalatee dudhaalee koodicha keessatti tumame yoo hin kabajne danbiwwan koodicha hordofanii bahanin ittigafatamumma naamusaaaf saxilama.

¹⁰⁰ Ob. Sayid Jundii, ittaanaa pirezidantii mana murtii walii gala Oromiyaa, Finfinnee fi, ob. Mahammad Nure, Abba adeemsa bulchinsa human naamaa mana murtii walii gale Oromiyaa, Finfinnee.

¹⁰¹ United Nations, Bangalor Principles of judicial conduct. Rule 7

Qabatamaniis hojiirra oolma isaa muuxannoo biyyoota addunyaa tokko tokko waliin yoo ilaalle hir'inni rawwanna hojii (gahumsa dhabuun) akkuma hir'ina naamusa kaanitti fudhatamuun adeemsuma tokkotu hojiirra oola. Fakkeenyaaaf, Amerika, Afrikaa Kibbaa fi Filippinsin maqaa dhahuun ni dnad'ama.¹⁰²

Bifuma wal fakkaatuun, koodii naamusa abbooti seeraa Oromiyaas yoo ilaalle, dhimmi gahumsa abbooti seeraa dudhaa naamusaa abbootin seeraa guutu qaban keessaa tokko ta'uun tumameera.¹⁰³ Danbiin naamusa abbooti seeraa fi mudamtoota gumii Oromiyaa koodicha bu'ura godhachuun tumamees dhimmoota gahumsa abbootii seeraa waliin wal qabatu badii naamusati jedhee yaada bu'ura ka'a. Fakkeenyaaaf, koodii naamusa abbaa seerummaa dudhaa lak. VI fi danbii naamusa abbooti seeraa fi mudamtoota gumii keewwata 24 waliin ilaaluun ni danda'ama.

Kanaafuu, akkuma waliigalatti dhimmicha yeroo ilaallu saxaxamni seera akka naannootti nuti qabnu gama tokkoon dhimmi gahumsaa fi dandeetti dhimmoota naamusaa keessaa tokko akka ta'anitti koodii fi danbiwwan naamusaa keessatti ol ka'amaniiru. Gama kanaan koodii fi danbiwwan naamusaa keenya muuxannoo sadarkaa addunyaa armaan olitti ibsame waliin wal fakkata. Haata'uyyu malee, adeemsi kun kan filatamu yoo ta'e komiin hanqina gahumsaa fi dandeetti dhimmoota naamusaa kaan irraa adda waan hin taaneef dhimoota kana irratti qorannoo gaggeessauufs ta'e murtee dabarsuuf gareen Inspeekshiniis ta'e gareen gumii angoo dhorkatamuu hin qabu ture.

Gama biraan ammoo, yaada heera mootummaa armaan olitti eerame deeggaruun dhimmi gahumsaa fi dandeetti dhimmoota naamusaa irra adda, kanaafuu gareen Inspeekshiniis ta'e gareen gumii dhimma kana irratti aangoo hin qabaatu kan jennu yoo ta'e ammoo koodii fi danbiwwan naamusaa keessatti dhimmi gahumsaa fi dandeetti akka dudhaa naamusaa tokkootti tumamuu hin qabu ture. Kanaafuu, dhimmoota kana ilaalichisee saxaxamni seera keenya kan wal make dha.

¹⁰² Abdi Jibril, legal profession and Ethics, addis ababa University, Ful. 33

¹⁰³ Madda Lak. 8 Ful. 10-11

Dhuma irratti, dhimma komii naamusaa irratti qaama komii dhagahus ta'e qorannoo gageessuuf aangoo qabu kana danbii duraan ture keessatti yoo ilaalle, qaamni hanqina naamusaa irratti komii dhagahus ta'e qorannoo gaggeessu qaamuma dhimma sana irratti murtii laachuuf aangoo qabu ture¹⁰⁴ kanaaf, danbii kana keessatti qaamni himanna naamusaa irratti murtii laachuuf aangoo qabu (gumii abbooti seeraa) dhimma sana ofumaan waan qoratuuf angoo cimdii qaba ture.

Dhimma kanaan wal qabsifnee saxaxama seeraa danbii harawaa amma hojiirra jiru ammoo yoo xinxallee, sadarkaa naannoo irrattis haa ta'u sadarkaa godinaa irratti qamni komii naamusaa fuudhuun qorannoo gaggeessuu fi qaamni himanna naamusaa irratti murtii laatu addatti tumameera. Bu'uruma danbii kanaatiin qaamni himanna naamusaa dhagahee qoranna naamusaa gaggeessu garee qorannoo fi Inspeekshinii yemmu ta'u, himanna garee inspeekshiniin dhiyaatu irratti ammoo murtii laachuuf qaamni aangefame akkuma haala isaatti garee gumii nannoo ykn godinaati.¹⁰⁵ Kanaafuu, angoon cimdii labsii darbe keessatti qaama tokkoof laatame ture danbii harawaa kana keessatti adda adda qoodameera.

Muuxannoo qabatamaan yeroo amma gama kanaan jiru yoo ilaalluu sadarkaa naannotti bu'uruma seeraa armaan olitti ibsameen gareen inspeekshinii komii dhagahee qorannoo hanqina naamusaa gaggeessuu fi gareen gumii hanqina naamusaa irratti murtii laatu adda addatti qoodame hojii isaa raawwachaa jira. Haata'uyyu malee, sadarkaa godinaa irratti komii hanqina naamusaa kan dhagahus ta'ee dhimma kana irratti qorannoo kan gaggeessu garee inspeekshinii godinaa osoo hin taane garee gumii godinaati. Adeemsi kun ammoo sadarkaa godinaatti qaamni hanqina naamusaa qoratus ta'e qaamni dhimma sana irratti murtii laatu angoo cimdii akka qabaatu kan godhu waan ta'eef yaadni danbii yeroo ammaa hojiirra jiru hafee adeemsi labsii lak. 1/95 keessa ture ammas qabatamaan sadarkaa godinaa irratti akka hojiirra oolu godheera.

Gareen gumii godinaa angoo seeraan isaaf hin laatamne kana akka hojiirra oolchuuf kan sababa ta'e gareen inspeekshinii sadarkaa godinaa irratti hundefamee dhabamuu dha. Gareen

¹⁰⁴ Danbii naamusaa abbootii seeraa manneen murtii Oromiyaa labsii lak. 1/95 kewt. 6 fi 10 ilaala.

¹⁰⁵ Madda lak. 20 kewt. 4, 6(2) fi 10 ilaala.

inspeekshinii kun seeraan haa hundeefamu malee qabatamaan sadarkaa godinaa irratti dhabamuun isaa kun gareen gumii qorannoo komii naamusaa akka gaggeessuuf isa dirqisiisuu irra darbee sababoota armaan gadii irraa kan ka'e ittigafatummaan naamusaa abbooti seeraa godinaa haala barbaachisuun akka hin dhugoomneefs sababa ta'eera.¹⁰⁶

- Gareen qorannoo hanqina naamusaa gaggeessu dhimma sana irratti ofumaan himatee ofumaan waan murteessuuf mirga abbaa seeraa hanqina naamusaan himatame irratti dhibbaa qaba [Bali'ina yaada kana adeemsa kenna murtii jalatti ilaalla]
- Miseensoonni garee gumii komii naamusaa dhiyaatu irratti qorannaag gaggeessan abbooti seeraa waan ta'aniif dhabbataan hojii idilee kan qabani dha. Kanuma irraa kan ka'e:
 - ✓ Komiin ykn eeruun hanqina naamusaa erga dhiyaatee yeroo baayyee batalumatti dhimmicha qulquleessuf haalli hin mijatu. Kun ammoo adeemsichi lafarra akka harkifatu gochuun ragaan akka miliyuuf sababa ta'a.
 - ✓ Qorannoon yeroo ga'aa fudhachuun gadii faggeenyaan hin qoratamu; waanuma argatmetu dhiyaata.
- Gareen gumii godinaa dhimma naamusa abbooti seeraa abbummaan fudhatee yeroo dhaa gara yerootti kan hordofu osoo hin taane, dhimoota naamusaa komiin irratti dhiyaate qofa kan qulqullessu dha. Kun ammoo sadarkaa godinaa irratti hanqina naamusaa hojiirratti abbummaan qaamni yeroo dha yeroottii hordoffii godhu dhabamuuf sababa ta'eera.
- Haala adeemsa yeroo amma jiruun komiin naamusaa kan dhiyaatu biiro pirezidantiitti qofa waan ta'ef gareen inspeekshinii dhabamuun komii

¹⁰⁶ Ob. Warquu Gabbisa, abbaa adeemsaa garee Inspeekishinii mana murtii walii gala Oromiyaa, ob. Huseen Usmaan, pirezidantii mana murtii Arsii Asallaa, fi ob. Samu'el Kabaraa, pirezidantii mana murtii ol'aana Shawaa Bahaa.

ummataa dhagahuuf yeroo baayyee qaamni qaqabama ta'e dhabamuuf sababa ta'eera.

3.1.1.2 Ka'umsa Dhimma Hanqina Naamusaa

Hanqinni naamusaa abbooti seeraan yeroo rawwatamu adeemsi naamusaa akkamiin jalaqabama yaadni jedhu dhimma ilaalamu qabu dha. Kunis adda duraan komiin ykn eruun ykn odeefannoona badii naamusaa qaama dhimmi isaa ilaatalutti bifa kamiin dhiyaata? eenyuunis dhiyaata? yaada jedhu kaasa.

Bifa komiin naamusaa itti dhiyaatu ilaalichisee danbii naamusaa abbooti seeraa Oromiyaa lak. 1/95 ilaaluun yoo jalqabne, bu'uura danbii kanaatiin namni badiin naamusaa dalagamuu isaa arge ykn dhagahe iyyannoo isaa ykn odeefannoona qabu barreefama qofaan qaama komii dhagahuu danda'utti dhiyeessu akka qabu eera.¹⁰⁷ Adeemsi kun adeemsa komiin hanqina naamusaa abbooti seeraa mootummaa fedeerala itti dhiyaatu waliin kan wal fakkatu dha.¹⁰⁸ Akka ilaalicha biyyoota baayyeetti adeemsa cimaa akkasii hordofuun cimina adeemsichaa irraa kan ka'e hanqinni badii naamusaa raawwte hundi haala salphaa ta'een qaama dhimmi isaa ilaaluu bira akka hin geenyeeef gufuu ta'a.¹⁰⁹

Bifa komiin naamusaa itti dhiyaatu ilaalichifnee danbii sirna qorannoo fi falmii abbooti seeraa yeroo amma hojiirra jiru ammoo yoo ilaalle, komiin badii naamusaa afaniin ykn barreefamaan ykn bilbilaan ykn fakkisiidhaan ykn imeelidhaan garee inspeekishiniitti dhiyaachuu danda'a.¹¹⁰ Adeemsi kun ammoo nama badii naamusaa arge, dhagahe ykn odeeffannoona qabu eeruu isaa haala salphaa ta'een akka dhiyeessuuf waan gargaaruuf badiin naamusaa raawwate osoo bira hin ga'amiin akka hin hafneef carraa isaa dhiphisa. Kun ammoo ittigafatamummaa naamusaa

¹⁰⁷ Madda lak. 26 kewt. 4(1)

¹⁰⁸ የፌዴራል ዓዋጅ ስነ-ምግባር ደንብ ቁ. 6/94 አንቀጽ 6

¹⁰⁹ Madda lak. 1. Ful. 31

¹¹⁰ Madda lak. 20 kewt. 4(1)

abbooti seeraa dhugoomsuuf gumaacha qaba. Sadarkaa addunyaa irrattis adeemsi kun kan irra jireessan filatamu dha.¹¹¹

Wa'een bif a komiin naamusaa itti dhiyaatu akkuma jirutti ta'ee, qabiyyeen iyyatichaa, komichaa ykn odeefannuchi itti dhiyaatu garuu maal ta'u qaba yaada jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Komii bif a kamiinuu dhiyaatu keessatti wantoota hamatamuu qaban ilaalichisee odeefannowwan ragummaaf dhiyaachuu danda'an ykn bakka ragaan itti argamuu danda'u of keessatti hammachuu qaba.¹¹² Kunis, baasi fi dhamaatii baayyee malee badii naamusaa komatame qulquleessuuf kan dandeessisu ta'urra darbee badiin naamusaa raawwatame dhaabiinsa odeefannoowwan kanneen irraa kan ka'e akka hin miliqneef gargaara. Kana malees, keewwanni akkasii jiraachuun namni tokko akkuma salphaatti iyyannoo ykn eeruu dabaa nama yakkuuf ykn maqaa xureessuuf dhiyeessu hanga tokko hanbisee bilisummaa abbaa seerummaa illee dhugoomsuu keessatti shoora qaba. Haata'uuyuu malee, danbii keenya keessatti keewwanni kun hin hammatamnee.¹¹³

Dhuma irratti hir'ina naamusaa qaama dhimmi isaa ilaaluuf eenyutu dhiyeessa kan jedhu ammoo yoo ilaallu, bu'uura danbii dura ture keessattis ta'e kan yeroo ammaa hojiirra jiru keessatti namni kamiyyuu odeefannoo ykn iyyannoo kennuu ykn dhiyeessuu ni danda'a.¹¹⁴ kanaafuu, komiin hanqina naamusaa nama dhimmicha irraa dantaa hin qabne garuu, hir'ina naamusaa raawwatamuu isaa kan arge, dhagahe, ykn odeefannoo qabu illee yoo ta'e qaama dhimmi isaa ilaalutti dhiyeessu danda'a jechuu dha.

Hanqinni naamusaa abbooti seeraa nama alaa kan biraan yoo dhiyaachu baate illee gareen Inispeekishinii sadarkaa godinaa irra jirus ta'e kan naannoo kaka'umsa mataa isaatin hanqina

¹¹¹ Madda lak. 31

¹¹² Madda lak. 1, Ful 33

¹¹³ Fakkeenyaaaf, gama kanaan danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa uummatoota sabaa fi sablamoota kibbaa keewwata 24 yoo ilaalliee iyyanni dhiyaatu dhugaa irratti kan hunda'ee fi ragaan kan deegarama ta'u akka qabu eera. Bifuma wal fakkaatun danbiin mootummaa federalaa keewwata 6(1) jalatti namni komii hanqina naamusaa dhiyeessu tokko iyyanna isaa ragaa waliin qabsiisee ykn bakkaragichi itti argamu caqasee dhiyeessuu akka qabu dubbata.

¹¹⁴ Madda 26 kewt. 42(1) fi madda lak. 20 kewt. 4(1)

naamusaa kaase qorannoo irratti gaggeessu ni danda'a; ittigafatamaan dhimma naamusaa aanaas komii naamusaa garee kanatti beeksisee qorannichi gageefamuu ni danda'a¹¹⁵

3.1.1.3 Adeemsa Calallii fi Qorannoo Hanqina Naamusaa

Komiin ykn eeruun abbaa seeraa tokko irratti hanqina naamusaan waan dhiyaateef qorannoonaamusaa hin gaggeefamu. Himanna dhiyaate fudhanii gara qorannooti ykn himanna dhiyeessutti osoo hin seeniin dura odeefannichi ykn himannaan dhiyaate dhimma naamusaa ta'u fi dhabuun isaa sadarkaan itti calalamu jiraachu qaba.¹¹⁶ Adeemisi kun adeemsa komiin dhiyaate hir'ina naamusaa ta'u fi dhabuu, ykn komii dhiyaate irratti qorannoonaaggesamu qabachuu fi qabaachuu dhabuun itti murta'u dha.¹¹⁷ Kanaafuu, himanna ykn komii dhiyaate irratti qorannaaggesuu himata banuun dura himanni ykn komiin dhiyaatu sadarkaa kana keessa darbuu qaba. Sababiin isaa, abbootin seeraa, fakkeenyaaaf, bilisummaa abbaa seerummaa qabutti gargaaramee dhimma hiikkoo seeraa itti fakkaate kennudhaan murtii laate irratti komiin itti dhiyaachu hin qabu, dhiyatee yoo argames sadarkaa kana irratti calalamee hafuu qaba. Murtii haala kanaan murteesse irratti himannaan kan irratti dhiyaatu yoo ta'e bilisumma isaa illee dhiibu danda'a.

Dhimma kanaan wal qabsiisee danbiin sirna qorannoo fi falmii naamusaa mootummaa naannoo Oromiyaas yaada bu'uraa ka'eera. Gareen inspeekishinii dhimma isaaaf dhiyaate tokko qulqullessuu kan jalqabu dhimmichi dhimma naamusaa ta'uu isaa erga addaan baafate booda.¹¹⁸ Gareen kun himanni dhiyaate kan dhimma naamusaa waliin hariiro hin qabne yoo ta'e galmicha batalumatti ni cufa; murtii isaa kanaas nama komicha dhiyesseef sababa galmichi cufame waliin beeksiisuu qaba.¹¹⁹ Kun ammoo iftooma adeemisichi qabaachuu qabu mirkaneessa.

¹¹⁵ Madda lak. 20 kewt. 4(3)

¹¹⁶ The new guide room to Judicial Independence, <http://constitution project. Org. ful. 33>

¹¹⁷ Madda lak. 38

¹¹⁸ Madda lak. 20. Kewt. 6(2)

¹¹⁹ Madda lak. 20. Kewt. 8

Muxannoo gama kanaan hojiiratti jiru yoo ilaallu, sadarkaa naannoo irrattis ta'e sadarkaa godinaa irratti komiin dhiyaatu irra jireessaan kan dhimma naamusaa waliin wal qabatu osoo hin taane, dhimma hiikkaa seeraa ta'ee kan ol-iyyataan gaafatamuu qabu dha.¹²⁰ Kanaaf, komiiwwan akkasii gara qorannootti osoo hin ce'in dura sadarkaa calaallitti kanneen cufamani dha. Fakkeenyaaaf, eeruu hanqina naamusati jedhamanii gare inspeekshinii naannoof bara baajetaa 2002 irratti gal mee **94** dhiyaatan keessaa galmeen bayinaan **60** ta'u sadarkaa calallitti akka cufamu ta'eera.¹²¹ Cufama galmeelee kanaafs kan akka sababatti caqasaman keessaa dhimmichi dhimma naamusaa osoo hin taane hiikkaa seeraa waliin kan wal qabatu waan ta'eef ol-iyyatan ilaalamuu qaba sababni jedhu adda duraan kan caqsamu dha.¹²² Dhimma kana sadarkaa godinaa irrattis ilaaluun yoo barbaachise, fakkeenyaaaf, gal mee baati saglan jalqabaa bara baajataa 2002 irratti komii naamusati jedhamnii gal mee **43** gumii bulchiinsa abbootii seeraa shawaa bahaaf dhiyaatan keessa galmeen **29** ta'u sadarkuma kanatti sababa komiin dhiyaate dhimma naamusaa hin taneef cufameera.¹²³ Kun ammoo, qabatamanis taanan adeemsichi kan hojiirra oola jiru ta'u mul'isa.

Egaa komiiwwan sadarkaa calallii armaan olitti caqasame kana keessa darban irratti qoranno gadi fageenya qabu gaggeessuun ammoo barbaachisaa dha. Keessattu, iyyannoон dhugummaa of keessaa hin qabne haalli itti sobaan, dabaan, yakkuuf ykn maqaa xureessuuf ykn ammoo dhugummaas qabatanii garuu ragaa malee dhiyaatan waan jiranuuf dhimmicha gadi fageenyaan qorachuun ykn qulqulleessuun ni barbaachisa. Abbaan seerichaa komiin irratti dhiyaate himachuu fi dhisuun ragaa qo'anno kanaan argamu irratti hunda'a jechuu dha.

Danbiin sirna qoranno fi falmii hanqina naamusaa keenyaa adeemisa qoranno hir'ina naamusaa abbaa seeraa bal'inaan tumeera jechuun ni danda'ama. Adeemisi qoranno madalawaa ta'e seeraans ta'e qabatamaan jira jechuuf ulagalee ilaalamu qaban keessa qaama

¹²⁰ Ob. Warquu Gabbisaa, Abbaa adeemsa garee Inspeekshinii mana murtii waligala Oromiyaa, Finfinnee

¹²¹ Gabasa Baati sagalii duraa bara 2002 garee Inspeekshinii mana murtii waliigala Oromiyaan dhiyaate

¹²² Madda lak. 42

¹²³ Gabaasa baati sagalii duraa bara 2002 kan garee gumii mana murtii ol'aanaa Shawaa Bahaa.

of danda'een qoratamuu fi adeemsa qorannoo si'ataa ta'e qabaachuu kanneen jedhaman ni caqasamuu.¹²⁴

Dhimma qaama qorannoo gaggeessu jedhu irraa yoo jalqabane akkuma armaan olitti ibsuuf yaalametti bu'uura seeraan ka'ameen qorannoo hanqina naamusaa bu'a qabeessa ta'e gaggeessuuf qorannichi qaama of danda'een gaggeefamuu qaba. Danbiin sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa yeroo ammaa hojiirra jirus yaaduma kana deegara.¹²⁵

Haata'uti, dhimma kanaan wal qabsifnee muuxannoo jiru fi rakkinoota muuxannoo kanaan wal qabanii dhufan ilaallee waan jirruuf asitti irra deebi'uun hin barbaachisu.

Si'omni adeemsichaa ammoo yeroo ilaallu, hanqinni naamusaa salphaa fi cimaan yoo xiqqaate inspeektaroota lamaan kan qoratamu dha.¹²⁶ Kun ammoo qorannoong gadi faggeenya qabu fi madalawaa ta'e akka qoratamuuf gumaacha.

Garichi qorannicha yeroo gaggeessutti dhimma iyyatame wajjiin kallatiin ykn haala kallatti hin tanneen ragaa barrefamaa, gal mee murtii, qaamolee fi namoota adda addaa dhimmicha faana wal quunamti qabu jedhee amanu ilaalu ykn gaafachuu ni danda'a.¹²⁷ Dhugumattu bakka aangoon akkasii hin kenamneefitti qorannoo gaggeessuun rakkisaa ta'a. kana malees, gareen inspeekshinii qoraanna isaatiin hanqinni naamusaa raawwatamuu kan itti amanu yoo ta'e komatamaan jecha ykn yaada isaa kennuuf fedhii qabachuu isaa erga mirkaneefatee booda jecha komatamaa illee fuudhu ni danda'a.¹²⁸

Fayyadama madda ragaa adeemsa qorannoo keessa qabatamaan jiru kana yoo ilaallee, gareen gumii godinaas ta'e gareen inspeekshinii naannoo irra jireessaan maddi ragaa isaani gal mee

¹²⁴ Nuno Group, Tom Ginsburg, Guarding The Guardian: Judicial Council And Judicial Independence, maxxansa 12^{ffaa} ful. 29

¹²⁵ Madda lak. 20

¹²⁶ Madda lak. 20 kewt. 6(8)

¹²⁷ Madda lak. 2 kewt. 6(3) (4) (5) ilaala.

¹²⁸ Madda lak. 20. Kewt. 6(7)

irratti kan hunda'e dha.¹²⁹ Sababiin isaas komiin naamusaa abbooti seera irraatti dhiyaatu garri caalaan dhimmoota galme waliin wal qabatan waan ta'eefi. Kana jechuun garuu dhimmonni kun ragaa galme qofa fayyadamuun qoratamu jechuu miti; yaada nama komii dhiyeesse irraa fudhamuunis ni deegarama. Fakkeenyumaaf galme qorannoo garee Inspeekshinii naannoo lak. 01/2002, 14/2002 fi 09/2001 yoo ilaalle komiin himatamaa irratti dhiyaate ragaa barreefamaniis ta'e ragaa namaan kan mirkana'e dha.

Komiin hanqina naamusaa galme waliin wal hin qabaanne garuu ragaa namaa qofa irratti rara'anis ni jiru. Fakkeenyaaaf, komii arabsoo, mata'a gaafachuu fi/ykn fudhachuu fi kkf. Dhimmoonni akkasii ragaa nama qofa fayyadamuun kan qoratamani dha.¹³⁰

Dhimmi kan biraan si'omina adeemisa qorannoo keessatti ilaalamu qabu daanga yeroo qorannooti. Bu'ura danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamsaatiin qaamni hanqina naamusaa qulquleesse himanna dhiyeessu kamiyyuu guyyaa iyyannoona isaa qaqabee kaasse ji'a jaha keessatti qoranna isaa xumuree himanna isaa dhiyeessuu qaba.¹³¹ Kunis mirga komatamaan dafee murtii argachuuf qabu dhugoomsuuf kan gumaachu dha.

Bu'uruma danbii kanaan galme qorannoo sadarkaa godinaa fi naannoo yoo xinxallu, komii naamusaa dhiyaate irratti qoranna gaggeessuun himata dhiyeessuuf galme tokkoof yeroon fudhatamu sadarkaa naannotti giddu galeessaan baati 2-4 yeroo ta'u sadarkaa godinaatti baati 3-4tti¹³² kun ammoo gama kanaan mirgi himatamaan qabu dhogooma jira jechuuf kan nama dandeessisu dha.

3.2. Adeemsa Murtii Dhimma Naamusaa

3.2.1 Sirna Falmii Naamusaa

¹²⁹ Sadarkaa nannoo fi godinaatti galme murtii 23 qoratame keessa dhibbantaan harki 73 yaaduma kana deeggara.

¹³⁰ Gaaffii afanii miseensota Inspeekshinii nannoo fi garee gumii godinaa waliin taasifame.

¹³¹ Madda lak. 20 kewt. 7

¹³² Xinxala galme sadarkaa nannoo fi godinaatti xinxalame irraa yaada hubatame.

3.2.1.1 Qaama himannaa hanqina naamusaa dhagahu.

Dhimma qaama hanqina naamusaa abbooti seeraa ilaalun irratti murteessuuf angeffame ilaalichisee haalli jiru sadarkaa federaalaa irrattis ta'ee sadarkaa naannolee irratti wal fakkaata. Kunis dhimma heera mootummaa federaalan murt'a'u ta'ee nannoleenis akka nannootti heeraa mootummaa federalaa kana bu'ura godhachuun waan hujjetaniifi. Haaluma kanaan, heerri mootummaa federaala kewwata isaa 79 jalatti dhimmi namusa abbootii seeraa gumii abbootii seeraatiin ilaalamee murtii kan argatu ta'u isaa ibsa. Heerri foyya'an mootummaa naannoo Oromiyaas yaaduma kana deeggara.¹³³ Kanaaf dhimma naamusaa abbootii seeraa hogganus ta'e dhugoomsuun angoo gumii abbootii seeraa ta'uun kan akka fedaralattis ta'e sadarkaa naannoottii heeraan murtaa'e ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Gumiin abbooti seeraa Oromiyaa dhimma naamusaa irrattis ta'e dhimmoota bulchiinsa mana murtii hogganuuf danbii heera kana hordofee bahe lak. 142/2000n hundeefameera.

Cassefama isaa irraa yoo kaane, gumiin abbooti seeraa sadarkaa naannoo fi godinaa irratti kan hunda'e dha.¹³⁴ Kunis sadarkaa naannoo irratti gumiin walii gala tokkoo fi gareen gumii tokko yeroo hundeefamu sadarkaa godinaa irratti garee gumii tokkotu jira.¹³⁵

Gumiin waliigalaa naannoo dhimma naamusaa ilaalichisee irraa jireessaan angoo ol iyyannoo qabaatu illee, dhimma naamusaa misseenoota gumii, garee gumii, pireezidantota godinaa, fi misseensota garee inspeekishinii angoo jalqabaan ilaalee ni murteessa.¹³⁶ Gareen gumii naannoo sababa hanqina naamusaan abbaan seeraa tokko hojiirraa akka gaggeefamuuf yoo murteesse gumiin waliigalaa kun ni mirkaneessa.¹³⁷

Dhimma naamusaa abbooti seeraa ilaalichisee angoo jalqabaa dhimmoota baayyee irratti kan qabu garee gumii naannooti. Sababiin isaa akkuma labsii kana keewwata 12 irraa hubachuun

¹³³ Heera foyya'aa mootummaa naannoo Oromiyaa, Magalata Oromiyaa, kewt.

¹³⁴ Madda lak. 16. Kewt. 6 fi 20 ilaala

¹³⁵ Madda lak. 19, kewt. 6, 10 fi 20 ilaala

¹³⁶ Madda lak. 19 kewt. 12, 13, fi 15 ilaala.

¹³⁷ Madda lak. 19 kewt.

danda'amutti angoon bal'aan garee gumii kanaaf laatameera. Bu'uura keewwata kanaan gareen gumii kun hir'ina naamusaa salphaa abbooti seeraa mana murtii waliigala fi dhimmoota hir'ina naamusaa ciccimoo manneen murtii Oromiyaa keessatti raawwatan ilaale ni murteessa.

Gareen gumi godinaa hir'ina naamusaa salphaa abbooti seeraa godinichaan raawwatan qofa irratti aangoo qaba.¹³⁸ Angoo ol iyyannootin ammoo murtii itti gaafatamaan garee inspeekishinii godinichaa fi gaggeessan dhimma naamusaa anaaleetin kennname ilaalu danda'a.¹³⁹ Gaggeessaan dhimma naamusaa aanalee hir'ina naamusaa xixiqqoo qofa irratti murteessuuf angoo qaba.¹⁴⁰

Caseefama fi angoo gumii abbooti seeraa Oromiyaa haala kanaan erga ilaalle mee amma moo eenyummaa, baayinaa fi haala filmaata miseensota gumii haa ilaallu.

Eenyummaa fi baayina miseensota gumii waliigalaa fi godinaa yoo ilaalle, gumiin waliigalaa miseensota dhabbataa bayyinaan torba ta'an kan of keessatti hammate dha.¹⁴¹ Kana keessaas, qaama seera baastuun gumii kana keessatti kan bakka buufamu miseensa lama qofa yeroo ta'u kan hafan hundii qaama seera hiiktuutiin kan bakka buufamani dha. Isaaniis: pirezidantii mana murtii walii gala, itti aanaa pirezidantii mana murtii walii galaa, abbootii seeraa nama lama fi muudamaa gumii nama tokko dha.¹⁴²

Bifuma wal fakkaatuun, gareen gumii godinaas miseensoota irra jireessaan qaama seeraa hiktuu irraa walitti dhufaniin kan ijaarame dha. Miseensonni dhabbataa gumii kanaas baayinaan shan yoo ta'an, kanneen keessaa miseensi seera baafstu godinichaa sagalee tokkoon bakka buufamu irraa kan hafe kan hafan afranuu qaama mana murtiitin kan bakka buufamani

¹³⁸ Madda lak. 19 kewt. 22(2)

¹³⁹ Madda lak. 19 kewt 22(2)

¹⁴⁰ Madda lak. 19. Kewt. 27(1)

¹⁴¹ Madda lak. 19 kewt. 6

¹⁴² Madda lak. 63.

dha.¹⁴³ Kanneenis, pirezidantii mana murtii godinichaa, abbooti seeraa nama lamaa fi muudamaa gumii tokko dha.

Akuma armaan olitti eerame sadarkaa naannoo irratti gumii waliigalaan alatti gareen gumii naannoo tokko jira. Gareen gumii kun dhabbataan baayyina miseensota nama sadiin kan ijaarame yoo ta'u sadanuu miseensota mana murtii waaligala irraa walitti dhufani dha.¹⁴⁴

Egaa sadarkaa mana murtii waliigala irrattis ta'e sadarkaa godiinaa irratti qaamni mana murtii gummiwwan kana keessatti sagalee caalmaan bakka buufamuun isaa kun bilisummaa abbaa seerummaa dhugoomsuuf shoora ol'aanaa qaba. Keessattu dhimmi kun angoo gumiin sadarkaa sadarkaan jiru dhimma hanqina naamusa abbooti seeraa irratti murteessuuf qabu waliin yeroo ilaalamu mirga abbootin seeraa falmii isaani qaama bilisa ta'een ilaalamuuf qaban mirkaneessu irra darbee bilisummaa isaani dhuguumusuuf gumacha gudda godha.

Haala filmaata miseensota gumii ammoo yeroo ilaallu, sadarkaa mana murtii walii gala irrattis ta'ee sadarkaa godinaa irratti miseensonni caffee namoota hubannoo seeraa qaban ta'anii kan afaya'ii caffen filatamani dha.¹⁴⁵ Kan malees, gumii walii gala fi garee gumii godinaa keessatti akka duraa duuba isaantiin pirezidantii mana murtii waliigala fi pirezidantii mana murtii godiinaan kadhimamanii walghaai abbooti seeraa irratti kan raga'an abbootin seeraa lama lamaa fi mudamtooni gumii tokko tokko jiru.¹⁴⁶ Bifuma wal fakkatuun miseensonni garee gumii naannoo pirezidantii mana murtii waliigalaatin kadhimamuun walghaai abbooti seeraa mana murtii waliigala irratti mirkana'a.¹⁴⁷ Pirezidantonni kun abbooti seeraas ta'e muudamtoota gumii miseensummaaf kaadhimuuuf dandeetti ol'aanaa qabaachuu fi dhimma bulchiinsa mana murtii irratti muuxannoo qabaachuu kadhimamaa kanaa dursanii mirkanneefachuu qabu.¹⁴⁸

¹⁴³ Madda lak. 19 kewt. 10

¹⁴⁴ Madda lak. 65

¹⁴⁵ Madda lak. 19. Kewt. 6(c) fi 20 (c)

¹⁴⁶ Madda lak. 19. Kewt. 7(2) fi 21(2)

¹⁴⁷ Madda lak. 19. Kewt. 11(1) fi 11(2)

¹⁴⁸ Madda lak. 19. Kewt. 7(6), 11(1) fi 21(1)

Haata'uti garuu, qaama hanqina naamusaa ilaaluuf gahumsa qabu, bilisa ta'ee bilisummaa abbooti seeraa mirkaneessu danda'u qabaachuu keessatti adeemsi filmaata miseensota gumii walii galas ta'e kan garee gumii naannoo seeraan tumame kun hangam tokko wabiidha jedhamee gaaffii afanii abbootii seeraaf dhiyaate keessaa dhibbantaan harki 52 adeemsa kana irratti komii akka qaban ibsu.

Gama kanaan yaadota ka'an ilaaluuf komii adeemsa filannoo miseensota gumii waliigalaa irraa yoo jaqabne, komii seera qabeessummaa adeemsa filmaata miseensota gumii kana irratti yaadota ka'an keessa kanneen armaan gadii lachan hangafoota.

Tokkoffaa, namoonni miseensa gumi ta'anii filatamani irraa jireessaan hojiin isaani dhimma naamusaa dabalatee dhimmoota gurguddoo fedhii abbooti seeraa irratti murtee laachu dha. Murtoo kana irraa ammoo kallatidhaanis haa ta'u al-kallatidhaan kan fayyadamus ta'e kan miidhamu abbooti seeraati. Kanaaf, miseensi gumii pirezidantii tokkoon filatamu fedhii abbooti seeraa hunda bakka bu'uu waan hin dandeenyef walghaaii abbooti seeraa irratti gaheen abbooti seeraa kadhimamaa dhiyaate raggasisuu utuu hin taane, miseensota gumii filachuu ta'uu qaba kan jedhu dha.

Akka sababa lamaffatti yaadni dhiyaatu, miseensi gumii haala kanaan kaadhimame bilisummaa guutudhaan hojii isaa hojjechuu dhabuu dha. Kunis muudamni isaa sababa pirezidantiin kadhimieef waan ta'eef yaada pirezidantichi walghaaii irratti calaqisiisu irraa faalla deemu hin danda'u kan jedhu dha.

Gama biraatiin ammoo, miseensooni gumii pirezidantotaan filatamuun isaa sirri dha namoonni jedhanis yaada isaanii kana sababa adda addaatiin deeggaru. Kunis gumiin abbooti seeraa kaayyoon isaa inni jalqabaa abbooti seeraa bakka bu'un fedhii isaanif dhabbachuu osoo hin taane, dhiibbaa seera tumtuu fi seera raawwachiftuu mootummaa maqsu keessatti hojii mana murtii ol'aantummaadhaan gaggeessuufi dha. Kanaaf, miseensooni gumii hojii mana murtii haala ga'umsa qabuun ni gaggeessuu jedhamee hanga itti amanameetti yaadni miseensooni gumii abbooti seeraa bakka bu'u qabu jedhu hangas mara barbaachisaa miti. Kanaaf abbootii seeraa bakka akka bu'aniif miseensooni gumii kun abbootii seeraa kanaan

filatamuu qabu yaadni jedhu fudhatama hin qabu. Kana maleess, miseensonni gumii abbootii seeraa nannichan kan filataman yoo ta'e miseensonni kunniin kaayyoonaan isaani inni jalaqabaa bakka bu'oota abbooti seeraa ta'udhaan yeroo hundaa mirga abbooti seeraaf falmuu qofa waan ta'uf hojiin gumii abbootii seeraa hojimaata manneen murtii ol-aantummaan gaggeessu yaadni jedhu hafee akkuma dhabbillee biraan mirga abbooti seera qofaaf falmuu ta'a. Kun ammoo, kaayyoo gumichi dhaabateef kan naafessu dha kan jedhu dha.

Haa ta'uti garuu, gumiin abbooti seeraa kun bulchiinsa ol'aanaa manneen murtii nannichaa ta'ee imaamata, tarsiismo fi kallatiwwan walii gala qaama abba seerummaa nannichaa hordofuu kayyoo jedhu yoo qabaate illee, bilisummaa fi ittigaafatamummaa abbaa seerummaa naannichaa qixa madaalawwaa ta'een gaggeessuf angoo guutu qaba.¹⁴⁹ Kun ammoo, yaada kaayyoonaan gumii abbooti seeraa dhimma bulchinsa manneen murtii nannichaa ol'aantummaadhaan hoganuu qofa jechuun namoota tokko tokkon araan olitti eerame wajjiin kan wal simuu miti. Kanaaf, adeemsi filannoo miseensota gumii kanaas ol'aantummaa hojii mana murtii gaggeessuu qofa osuu hin taane, bilisummaa fi ittigafatamummaa abbaa seerummaa dhugoomsuu haala danda'uun ta'uu qaba.

Gama biraan, namonni yaada miseensonni gumii abbooti seeraan filatamuu qabu jedhan ammoo akka sababatti kan isaan kaasan keessa tokko miseensi gumi pireezidantiin kadhimamee muudame tokko yeroo hundaa walghaaii gumii irratti yaada ejjanno pireezidantii fallaa ta'e qabaachuuf itti ulfaata kan jedhu dha. Sababini isaa, sababa pireezidantii kanaan filatamee muudameefi. Sodaa abbooti seeraa kana furuuf ammoo seerris haala mijeesse qaba. Kunis miseensi gumii tokko sodaa tokko malee bilisummaa guutudhaan imaana isatti kennae ba'uu akka danda'u kanneen taasisan keessaa haala fi adeemsa miseensi gumii tokko miseensummaa irraa itti dhorkamu seeraan ifatti tumuun isa tokko. Bifuma kanaan, bu'uura labsii lak. 142/2000tiin miseensi gumii tokko miseensummaa gumiitiif muudamee badiin adda kan irratti argame yoo ta'e malee erga muudame muudamni isaa kun waggaan sadii gaditti eenyunuu mulqamuu hin danda'u.¹⁵⁰ Kun ammoo, ofitti amanamummaa miseensi gumii tokko

¹⁴⁹ Madda lak. 19, seensa labsicha ilaala.

¹⁵⁰

qabaachu qabu hanga tokko cimsuu danda'a. Haata'uti garuu, ofitti amanamummaa miseensota kanaa calmaatti guddisuuf ammoo falli kan biraas dhahamuu qaba.

Haaluma kanaan, akka yaada qorataa kanaatti, adeemsi filmaata miseensota gumii walii gala kun kaayyoo gumichi galmaan gahuuf hundeessame waliin kan wal simu ta'u qaba. Kaayyoon gumii walii gala kun ammoo, akkuma armaan olitti eerame, dhimma bulchiinsa mana murtii ol aantummaan to'achuu fi, bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbooti seeraa dhugoomsuu dha. Kanaaf, haalli filmaata miseensota gumii kanaa qaama tokko qofaaf kan dhiifamu ta'u hin qabu.

Dhagaadha bilisummaa fi itti gafatamummaan isaani qixa madalawaa ta'een akka mirkana'uuf abbootiin seeraa gumii kana keessatti bakka buufamuu qabu. Kanaafs adeemsa filannoo miseensota gumii irratti abbootiin seeraa qooda qabachuun dirqama. Gama biraan ammoo, kaayyoon gumii kanaa bilisummaa fi ittigafatamummaa abbooti seeraa qofa mirkaneessu osoo hin taane dhimma bulchiinsa manneen murtii ol'aantummaan kan hogganu waan ta'eef filannoos miseensota gumii abbooti seeraa qofaaf kan dhiifamu osoo hin taane, qaamni ol'aanaa mana murtiis adeemsa kana keessatti gahee qabaachu qaba. Muuxannoos sadarkaa addunyaatti jirus yaaduma kana deeggara.¹⁵¹

Kanaafuu, adeemsi filmaata yeroo ammaa labsicha keessatti tumame kun bilisummaa fi itti gafatamummaa abbooti seeraa mirkaneessutti dabalatee kaayyoo gumiin dhabbate galmaan ga'uuf kan biyyoota baayyeen hordofamu dha.

Adeemsa fi bakka filmaata miseensota garee gumii naannotti ammoo yeroo deebnu, akkuma danbichaan tumamee armaan olitti eerame miseensonni garee gumii naannoo abbootii seeraa mana murtii waligala Oromiyaa sadii kan of keessa qabu dha.¹⁵² Miseensonni gumii kunis abbootiidhuma seeraa mana murtii waligalaa keessaa pireezidantiin kaadhimamun walgahii abbooti seeraa manuma murtii kanaan mirkana'a.¹⁵³

¹⁵¹ Tanti Taye, The Role of judicial administration council in promoting judicial independence and accountability.

Universitii Finfinnee, Ful. 51

¹⁵² Madda lak. 65

¹⁵³ Madda lak. 19. Kewt. 11

Gama biraan ammoo, gahee fi angoo garee gumii kanaa yoo ilaallu, himannaa hanqina naamusaa salpha abbooti seeraa mana murtii walii gala fi dhimma hanqina naamusaa ciccimoo abbooti seeraa Oromiyaa hunda irratti murtii laachuuf angoo qaba.¹⁵⁴ Haaluma kanaan, gareen gumii kun angoo inni himannaa hanqina naamusaa irratti murteessuuf qabu dhimma abbooti seeraa mana murtii waligalaa qofa irratti osoo hin taane, dhimma hanqina naamusaa abbooti seeraa Oromiyaa mara irratti.

Angoo garee gumii kanaa fi adeemsa filannoo miseensota gumii kanaa armaan olitti eerame yoo waliin qabnee ilaallu, maaliif meseensonni garee gumii kanaa mana murtii waliigalaa qofa irra filatamanii walghaifi abbooti seeraa mana murtii waligalaa qofa himachiseen muudamu yaada jedhu kaasa.

Akka yaada bu'uraatti dhimmi itti amanamu tokko bilisummaa fi ittigaafatamummaa abbooti seeraa qixa madalawaa ta'een dhugoomsuuf qaamni dhimma abbooti seeraa keessattu dhimma hanqina naamusa isaani irratti murteessuuf angoo qabu tokko adeemsa abbooti seeraa fedhiin isaanii qaama sanaan tuqamuu hirmachiseen bakka buufamu qaba.¹⁵⁵ Muuxannoon adeemsa filannoo miseensota gumii waligalaa fi garee gumii godinaa filuuf danbii keenya keessatti saxaxamees dugda duubni isaa yoo ilaalamo kaayyoo kana kan of keessa qabudha jedhamee amanamaa.

Egaa gareen gumii naannoo hanqina naamusa cimaa abbooti seera Oromiyaa ilaalee murteessu irra darbee murtii hanqina naamusaa xixiqqa ittigafatama garee Inspeekshinii nannoos ta'e godinaa irraa dhufu ol-iyynnoon ilaaluuf angoo utuu qabuu miseensota isaa abbooti seeraa mana murtii waliigala qofa irra filuun walighiifi abbooti seeraa mana murtii waligalaa qofa hirmachisuun akka mirkana'u taasisuun kaayyoo fi adeemsa filannoo miseensota gumii irraa kan mae dha. Inumaayyuu dhimma kana angoo gareen gumii kun qabu (himannaa hanqina naamusa abbooti seeraa irratti murteessuu) faana yeroo ilaalamu miseensota gumii kana abbootiin seeraa beeku fi itti amanuu qabachuun isaani daran barbaachisaa ta'u isaa agarsiisa.

¹⁵⁴ Madda lak. 19 kewt. 12

¹⁵⁵ Madda lak. 2

3.2.1.2 Adeemas kenna murtii

Gareen inspeekishinii hanqina naamusaa dhiyaate irratti qorannaagaggeessee yoo xumuru himannaa isaa wajjira gumii ykn walitti qabaa garee gumiif ni dhiyeessa.¹⁵⁶ Wajjirri gumii ykn walti qabaan garee gumii godina batalumatti galmeesaaqee garee gumiitiif ni dabarsa.¹⁵⁷ Egaa gareen gumii himanni isa qaqqabe kun abbaa seeraa komiin irratti dhiyaatee fi garee inspeekshinii giddutti falmii gaggeesse murtii laata.

Adeemsi murtii naamusaa kun gama hundaanuu madalawaa ta'uu akka qabu itti amanama. Adeemsichi si'omina qabaachuu fi haqa qabeessa ta'un mirga abbooti seeraa kan dhugoomsu ta'utu irraa eegama. Kun ammoo dabareedhaan bilisummaa abbooti seeraa dhugoomsuuf gumaacha.

Si'omina fi haqa qabeessummaa adeemsa kanaa akka nannoo keenyaatti madaaluuf seeraa fi haala qabatamaan hojiirratti jiru mirgoota abbootin seeraa adeemsa kana keessatti qabaachuu qaban irratti hundoofnee haa ilaallu.

- i) **Mirga dhagahamuu:-** si'ominaa fi haqa qabeessummaa adeemsa kanaa waan dhugoomsaan keessa tokko abbaan seerichaa mirga dhagahamuuf inni qabu yoo mirkana'efi.¹⁵⁸ Mirgi kun ammoo adda duraan mirga ragaa isarratti dhiyaate ilaalu, shaayidaa isarratti dhiyaate gaafachu fi of irra ittiisuuf ragaa isa dandeessisu dhiyefatee dhageesifachu, akkasumas, ragaa dhiyaate fi seera qofa irratti hunda'uun murtii haqa qabeessa argachuu kanneen jedhaman of keessatti qabata.¹⁵⁹

¹⁵⁶ Madda lak. 20 kewt. 10

¹⁵⁷ Madda lak. 78

¹⁵⁸ Madda lak. 17 Ful. 154

¹⁵⁹ Madda lak. 80

Hamatinsa seeraa mirgoota kanaa yoo ilaalle, danbiin sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa hawwasa manneen murtii naannoo Oromiyaa hamatiinsa ga'a qaba jechuun ni danda'ama.¹⁶⁰

Haala qabatamaan gumiin abbooti seeraa adeemsa kenna murtii keessatti kabajama mirgoota kanaaf itti hojjechaa jiran ammoo yoo madaallu, sadarkaa gumii godinaa fi sadarkaa garee gumii naannoo irratti adeemsi adeemamu adda adda.

Adeemsa kenna murtii gareen gumii godinaa gaggeessa jiru irraa yoo jalqabne adeemsi qabatamaan raawwii argachaa jiru akka armaan gadiitti bakka buufameera.¹⁶¹

Bu'aan qorannoo yaada furmaata waliin garee gumitin pirezidantiif ni dhiyaata → pirezidantiin bu'aan qorannoo kun madaala kaasa jedhee yoo amane himata isaa garee gumii irratti ni dhiyeessa → Tarreen himataa ragaa dhiyaate waliin komatamaa qaqaba → komatamaan mormii sadarkaa duraa fi/ykn deebi isaa barreefamaan garee gumii qaqqabsiisa → gareen gumiis himata keessatti ragaa dhiyaate fi deebi bareefamaa komatamaan dhiyaate madaale murtii kenna.

Akkuma adeemsa armaan olii kana irraa hubachuun danda'amutti adeemsa kenna murtii sadarkaa godinaa irratti tarreen himannaabbaa seeraa irratti dhiyaatu dursee kan isa qaqqabu haa ta'uuyuu malee, abbaan seeraa hanqina naamusaan komatame carraa falmii isaa gaggesuuf qaamaan dhiyaachuu hin qabu. kun ammoo mirga dhagahamuu abbaan seeraa tokko sadarkaa kana irratti qabachuu qabu akka hin dhugoomneef gufuu ta'eera.

Kana malees, adeemsa kenna murtii sadarkaa godinaa kana keessatti walitti qabaan garee gumii (pireezidantin mana murtichaa) ofumaan himatee garee gumii keessatti ammoo akka nama tokkotti murtii laachuuf qooda ol'aanaa waan qabuuf murtii haqa qabeessa ta'e

¹⁶⁰ Danbii kana kewt. 11 ilaala.

¹⁶¹ Xinxala galmeed murtii irraatti gaggeefame irraa yaada hubatamee fi gaaffii afanii pirezidantota manneen murtii ol'aanaa godinalee waliin taasifame. Fakkeenyaaaf, ob. Muhammad Jimaa, pirezidantii mana murtii ol'aanaa Shawaa Kaaba, ob. Huseen Usmaan, pirezidantii mana murtii ol'aanaa Arsii Asallaa, fi ob. Samu'el Kabaraa, pirezidantii mana murtii ol'aanaa Shawaa Bahaa.

dhugoomsuuf rakkoo dha. Gareen gumii hanqina naamusaa kana irratti qoranna gaggeesse dhimma sana irratti murtii laachuufs angoo waan qabuuf mirga abban seeraa falmii isaa qaama bilisa ta'e durati dhagahamuuf qabu kan dhabamsiisu dha.

Gama biraan, dhimmuma kanaan wal qabatee adeemsa gareen gumii naannoo hordofu ammoo yoo ilaalle, mirgi komatamaan dhagahamuuf qabu kun daran kabajameera jechuu ni danda'ama.

Sadarkaa garee gumii naannoo adeemsa kenna murtii qabatamaan yeroo ammaa hubatamaa jiru akka armaan gadiitti bakka buusun ni danda'ama.¹⁶²

Warbbiin himata fi ragaa garee gumiin himatmaa dursee ni qaqaba → deebiin himatamaa himataa ni qaqaba → Himataa fi himatmaan falmii afani ni gaggeessu ragaa isaanis ni dhiyeessu → galmeen qorannoof ni bellamama → gareen gumii ragaa bitaa fi mirgaa madalee murtii ni laata.

Dhimma kana irratti ragaa gaaffii afanii miseensota garee Inspeekshinii fi garee gumii naannoo waliin taasifames yoo ilaallee, mirgi komatamaan tarree himataa dursaa argachuu, falmii irratti qaamaan argamee ragaa isa irratti dhiyaate ilaalu fi ragaa ittisaas yoo qabaate dhageesifachuuf qabu siritti kan eegamee dha.¹⁶³

Mirga kana wajjiin yaadni ka'u malu tokko murtii haqa qabeessa laachuuf ragaan qubsaan abbaa seerichaa irratti dhiyaatee himata sana haala gariin mirkaneessuu qaba yaada jedhu dha. Kanaaf ammoo, sadarkaan mirkaneefanna dhimmaa ykn himataa dursee seeraan tamamuu

¹⁶² Xinxala gal mee sadarkaa nannootti gaggeefame keessa dhabantaan 91 adeemsuma kana deeggara. Galmeele kanneen keessa gal mee lak. 09/2001, 08/2002, 01/2002 fi 14/2002 akka fakkenyatti caqasun ni danda'ama. Akkasumas gaffiin afanii miseensota garee Inspeekshinii fi garee gumii wajjin adeemsifame irraas yaaduma tokkotu hubatame.

¹⁶³ Ob. Warquu Gabbiisaa, abba adeemsa garee Inspeekshinii naannoo, ob. Geetaachoo Ida'aa fi ob. Seefu _____, miseensota garee Inspeekshinii naannoo, ob. Shimallis Lammaa fi ob. Xuurii Qanaasa, miseensota garee gumii naannoo, Finfinnee.

qaba.¹⁶⁴ Sababni isa dhimma falmii kaminuu keessatti sadarkaan mirkaneefanna himataa jiraachuun himatamaan badii osoo hin raawwatin akka hin adabamneefs ta'e himatamaan badii raawwatee adabbii jalaa akka hin milqneef gargaara.¹⁶⁵ Falmii dhimma naamusaa irrattis danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa keessatti keewwanni yaada kana ibsu jiraachuun abbaan seeraa badii naamusaa raawwate adabbii jala akka hin milqne gochurra darbee bilisummaa abbooti seeraa mirkaneessuuf gumaacha qaba. Sabani isaa, gumiin abbooti seeraa murtii baleefanna laachuuf ragaan dhiyaate hangam madaallii kaasu qaba isa jedhu mirkaneessuuf isaa gargaara. Bakka kun hin taanetti abbaan seeraa tokko ragaan ga'a ta'e utuu jiruu bilisa bahuu ykn bakka ragaan ga'a ta'e hin jirretti adabamu danda'a. Muxannoos sadarkaa addunyaatti jirus yaaduma kana kan mirkaneessu yoo ta'e illee danbii keenya keessatti garuu yaadni kun ifatti hin hamatamnee.¹⁶⁶

ii) **Mirga daanga yeroo irraa fayyadamaa ta'uu:-** akkuma falmii kaan keessatti hubatumu danda'utti abbaan seeraa hanqina naamusaan himatamu tokko daangaa yeroo irraa fayyadamaa ta'uu qaba.¹⁶⁷ Danbiin sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa keenyas daanga yeroo kan yeroo adda addatti ka'u danda'an lama tumee jira. Inni duraa daanga yeroo komiin ykn iyyanni itti dhiyaachuu qabu dha. Bu'uura danbii kana keewwata 5tiin iyyannoos hanqina naamusaa guyyaa gochi raawwatamee kaasee badiin naamusaa xixiqaan ji'a jaha, salphaan waggaa fi cimaan wagga lama keessatti dhiyaachuu baannaan darbiinsa daanga yerootiin ni ittifama. Kanaafuu, yeroo kanaan booda iyyannaan dhiyaatu kan hin himachifnee fi qorannaan irratti kan gaggeefamu hin ta'uu.

Dhimma kana waliin muuxannoos jirus yoo ilaalle yeroo baayyee komiin badii naamusaa yeroon irra darbe kan hojiirratti mudatu yoo ta'uu baate illee komii badii naamusaa daangan yeroo itti darbe irratti qorannoos hanqina naamusaa hin gaggeefamu.¹⁶⁸ Garuu

¹⁶⁴ Madda Lak. 9 Ful. 6

¹⁶⁵ Madda Lak. 86

¹⁶⁶ Madda Lak. 9 Ful. 12

¹⁶⁷ Madda Lak. 9. Ful. 12

¹⁶⁸ Ob. Warquu Gabiisaa, abbaa adeemsia garee Inspeekishinii naannoo, ob. Geetachoo Ida'aa fi ob. Seefuu akkasumas, Ob.sofiyaa Aliyii fi Yaami Gurmuu ,miseensota garee gumii Harargee Bahaa.

akkumma fakkeenyatti kaasuuf bara baajataa 2002 keessa komii badii naamusaa garee Inispeekishinii naannoof dhiyaate keessa galmeen tokko darbiinsa yeroo irraa kan ka'e cufameera.¹⁶⁹

Yeroon daangaa inni lamaffaan ammoo guyyaa iyyanni/odeefannoон hir'ina naamusaa itti dhiyaatee fi guyyaa himanni gumiif itti dhiyaachuu qabu gidduu yeroo jiru dha. Qaamni hanqina naamusaa, bu'uura aangoo kennemeettiin qulqulleessee, himannaа dhiyeessu kam iyuu guyyaa iyyannoон isa qaqqabe kaasee ji'a jaha keessatti qorannaа isaa xumuree himata dhiyeessuu qaba; yeroo kanaan booda iyyannoo qulquleessuuus ta'e himannaа dhiyeessuun darbiinsa daanga yerootiin ni ittifama.¹⁷⁰

- iii) **Mirga dafee murtii argachuу:**- akka waliigalatti bu'aa barbachisu argamsiisuuf adeemsi sirnichaa si'ataa ta'uu qaba. Kun ta'uun isaa ammoo sirnichas ta'e abbaa seerichaa kan fayyadu dha. Adeemsicha si'ataa guchuuf kan nu gargaaran keessa tokko murtii saffisa qabu laachu dha.

Dhimma kana ilaalchisee danbii naamusaa abbooti seeraa lak. 1/95 yoo ilaalle dhimmi hir'ina naamusaa kamiyyuu guyyaa gumiidhaaf dhiyaatee eegalee baatii jaha giddutti murtii argachuу akka qabu eera.¹⁷¹ Yeroon kunis akka daanga yerootti kan gargaaru ture. Dhimma kanaan wal qabsiifnee danbii yeroo amma hojiirra oola jiru yoo xinxalle, ammoo haala ifa ta'een yeroo murtiin itti laatamuу qabu ifatti jala muree hin tumne. Sababiin gahaa yoo jiraate malee gareen gumii dhimma hanqina naamusaa isaaф dhiyaatee angoo isaa ta'e utuu hin tursiisin murteessuu akka qabu qofa eera.¹⁷² Tumaan seeraa akkasii kun ammoo mirga abbaan seera murtii saffisaa qabu argachuuf qabu kana dhiphiisuu danda'a. Muxannoон yeroo amma jiru garuu akka addeessutti galmeen himannaа naamusaa garee gumiif dhiyaatu tokko giddu galeessaan ji'a 2-3

¹⁶⁹ Galmee Lak. 13/2002, Galmee garee Inspeekshinii nannoo.

¹⁷⁰ Madda lak. 22 kewt. 7

¹⁷¹ Madda Lak. 26. Kewt. 47(1)

¹⁷² Madda lak. 20 kewt. 13 ilaala

keessatti murta'u.¹⁷³ Haata'uyyu malee, daangan yeroo kun seeraan ifatti hanga hin tumamneetti dheerni yeroo galmee tokko murteessuf fudhatamaa jiru kun mirga abbootiin seeraa dafanii murti argachuuf qaban kabajameera ykn kabajama hin jiru jeechuuf kan nama rakkisu dha.

3.2.1.2.1 Adabbii badii naamusaa

Kaayyoon adabbii naamusaa adabamaan badii raawwateetti gaabee akka of sirreessu dandeessisuu fi/ykn namoonni kaaniis akka irra baratan taasisu dha.¹⁷⁴ Egaa hangi fi gosi adabbii hanqina naamusaa kamifuu seeraan tumamu tokko kaayyoo kana galmaan kan ga'u ta'uu qaba.

Danbii naamusaa abbooti seeraa fi muudamtoota gumii naannoo Oromiyaa keessatti gosoota hanqina naamusaa sadiitu jira; badii xixiqqoo, salphaa fi cimoo. Adabbiin bidiwwan naamusaa kanaaf tumamees ulfaatina fi irra dedeebii badichaa irratti hunda'uun adda adda.

Hanqinni naamusaa xiqaan yeroo jalqabaafs ta'e yeroo lamataaf yoo raawwatame adabbiin isaa gorsaa fi akekkachisa afaaniti.¹⁷⁵ Badiin kun yeroo lammataaf raawwatamee yeroo baati lama keessatti yeroo sadaffaaf yoo raawwate akekkachiisa barreefamaatu laatama.¹⁷⁶ Kana jechuun badiin naamusaa yeroo sadaffaaf raawwatu baatii laman badiin namusaa lammaaffaan erga raawwatamee booda jiran keessatti yoo hin taane ammas adabbiin laatamu gorsaa fi akekkachisa afaaniti jechuu dha.

Badii naamusaa salphaa yeroo jalqabaaf kan raawwatame yoo ta'e akeekkechisaan bira darbamu danda'a.¹⁷⁷ Garuu badiin kun yeroo lammaffaaf kan raawwate yoo ta'e abbaan seerichaa hanga mindaa ji'a tokkootti adabamu kan danda'u yoo ta'u badiin salphaan kun yeroo

¹⁷³ Xinxala galmee sadarkaa naannoo fi godinnaa irratti gaggeefame irraa yaada hubatame.

¹⁷⁴ Madda Lak. 12. Kewt. 56

¹⁷⁵ Madda lak. 12. Kewt. 58(1) fi (2)

¹⁷⁶ Madda lak. 12 kewt. 58(3)

¹⁷⁷ Madda lak. 12 kewt. 58

sadaffaaf kan raawwatame yoo ta'e garuu badiin kun akka badii cimaatti lakkawwamuun adabbiin badii cimaa raawwi argata.¹⁷⁸

Abbaan seeraa hanqina naamusaan himatamee murtiin balleessumma irratti darbe carraan hojiirraa gaggefaamuu kan isa qaqqabu badii naamusaa cimaa yoo raawwate dha. Kana jechuun garuu abbaan seeraa badii cimaa hojjechuun isaa irratti mirkana'e yeroo hundaa hojiirraa gaggeefama jechuu miti, ta'us hin qabu. Fakkeenyaaaf, bu'uruma danbii naamusa abbooti seeraa Oromiyaatiin iyyuu namni tokko badii cimaa tokko yeroo duraatiif yoo raawwate minda hanga ji'a tokkoo yoo adabamu badii kana yeroo lammaaffaaf yoo raawwate guddina sadarkaan gadi bu'uun adabama malee sababa badii cimaa raawwate qofaaf hojii irraa hin gageefamu.¹⁷⁹

Abbaa seeraa tokko hanqina naamusaan hojiirra gaggeessuun adabbii isa dhumaan waan ta'eef badii inni raawwate ulfaatina gochichaa fi haala raawwii isaa irraa kan ka'e kana booda namni kun hojii abbaa seerummaa hojjechuuf nama gitu miti kan jechisiisu ta'uu qaba.¹⁸⁰ Sababiin isaa, dhimmi kun dhimma bilisummaa abbooti seeraa waliin kallattiin walitti hidhatuufi. Bu'uura qajeelfama kanaatiin ammoo sababa ga'an osoo hin jiraatiin abbaa sera tokko hojiirra gaggeessuun hin danda'amu.¹⁸¹

Dhimma kana ilaachisee heerri mootummaa federalaas ta'e kan naannoo Oromiyaa yaada bu'uura ka'eera. Bu'uruma kanaan abbaan seera tokko hojiirra kan gaggeefamu gumii bulchinsa manneen murtiin abbaan seerichaa hanqina naamusaa qaba, ykn hanqina dandeettii hojii fi si'omina cimaa qaba ykn ammoo sababa fayyaa dhabutiin hojii abbaa seerummaa hojjechuu hin danda'u jedhee yoo murteesse fi murtiin gumii kunis cafeedhaan kan mirkana'e yoo ta'e dha.¹⁸²

Adabbii badii naamusaa cimaa waliin wal qabsiisee hojiirra gaggeefamu abbooti seeraa akka adabbii tokkootti kan tume danbiin naamusa abbooti seeraa Oromiyas yaaduma armaan olitti

¹⁷⁸ Madda lak. 99

¹⁷⁹ Madda lak, 99

¹⁸⁰ United Nations, Basic Principles Of Judicial Independence, Kewt. 18

¹⁸¹ Madda Lak. 102

¹⁸² Madda Lak. 55. Kewt. 63(4)

heericha keessatti eerame deeggara. Bu'uura danbii kanaatiin abbaan seeraa tokko hanqina naamusaan kan hojirra gaggeefamu:¹⁸³

- A. Badii naamusaa cimaa si'a sadaffaaf irra dedebi'ee yoo raawwate,
- B. Badii cimaa si'a tokkoffaaf raawwatee haalli raawwii isaa fokkataa fi kan jibbisiisu ta'uu irraa kan ka'e abbaan seerichaa hojii itti fufee hojjechuu hin qabu kan jechisiisu yoo ta'e,
- C. Mata'aa fudhachuun hojii abbaa seerummaa hojjechuun isaa kan irratti mirkana'e yoo ta'e,
- D. Abbaan seerichaa hir'ina dandeetti fi hanqina ga'umsaa yoo mul'ise akkasumas, sababa fayyaa irraa kan ka'e hojii hojjechuu yoo hin dandeenye dha.

Kanaafuu, yaadi bu'uraa dhimma kanaan wal qabsiisee danbichaan tumame kan heeraan ol ka'ame waliin kan wal simu dha jechuun ni danda'ama.

Gama kanaan muuxannoo gumiin abbooti seeraa Oromiyaa yeroo amma qabus yoo ilaalle, abbooti seeraa hojii irraa gaggeessuuf abbaan seeraa komatame badii naamusaa cimaa raawwachuun kana booda namni kun hojii abbaa seerummaa hojjechuu hin qabu jedhee gumichi yoo itti amane qofa.¹⁸⁴ Bu'uruma yaada kanaatin galmeele abbootin seeraa bara 2000, 2001 fi 2002 keessa hojirra itti gaggeefaman yoo ilaalle, komiin abbooti seeraa kana irratti dhiyatee hojirra akka gaggeesaman godhe sababota heeraan deegaraman irra kan ka'e dha. Fakkeenyaaf galmee lak. 14/2002 fi qaboo ya'ii walgalii 94^{ffa} gumii abbooti seeraa Oromiyaa yoo ilaalle komiin abbooti seeraa hojirra gaggeefaman kana irratti dhiyaate badiiwan ciccimoo jedhamanii kan danbichaan qoodamani dha. Kanneen, mata'a fudhachuu, amalajidhaan hojjechuu, angoo abba seerumma seeraan ala fayyadamuu, fi abbooti dhimma arabsuuf salphisuu kanneen jedhamani ni caqasamu. Enumaayyuu abbooti seeraa kana irratti komiin dhiyaatee mirkana'e gosa badii namusaa cimaa tokko ykn lama qofa rawwachuun osoo hin taanee gosa badii naamusaa cimaa sadii hanga shanii ta'an rawwachuudhani.¹⁸⁵ Kun ammoo

¹⁸³ Madda lak. 20 kewt. 16(1)

¹⁸⁴ Ob. Taddalee Nagishoo, pirezidantii mana murtii waliigala Oromiyaa, Finfinnee.

¹⁸⁵ Fakkeenyaaf galmee murtii gumii waliigalaa lak. 14/2002, 23/2002 fi qaboo ya'ii walgalii 94^{ffa} gumii abbooti seeraa Oromiyaa ilaala

abbaan seerichaa kanaan booda hojii abbaa seerummaa itti fufee hojjechuu ni danda'a kan nama jechisiisu waan hin taaneef adabbiin hojii irra gaggeessuu fudhatame sababa ga'a irratti kan hunda'e dha jechuun ni danda'ama.

3.3 Adeemsa Murtii Dhimma Naamusa Booda Jiru

Adeemsa sirna falmii hanqina naamusaa gama hundaanuu madalawaa akka ta'u kanneen godhan keessaa inni biraan kabajama mirgoota abbootin seeraa dhaddachaan boodatti qabani dha. Kunis adda duraan mirga ol-iyyannoo fi mirga moggaafamuu qabaachuu kanneen jedhaman of keessatti qabaata.

- i) **Mirga Ol-Iyyannoo:-** abbaan seeraa hanqina naamusaa adabame tokko mirga ol-iyyannoo qabaachuu qaba. Kanaafs ammoo qaamni dhimma ol-iyyannoo kana dhagahuuf angeeffame sadarkaa sadarkaadhaan jiraachuun dirqama.

Danbiin sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa keenyaas kanaaf haala mirjeesseera. Kunis haaluma caasefama gumiitiin murtiin garee gumii godinaa fi garee gumii naanno darbe gumii waliigalatiif haala ol-iyyannoон dhiyaachu danda'a.¹⁸⁶ Dhimma murtii xixiqaa ilalichisee ittigafatamaa garee inspeekshini nannootiin fudhatame garee gumii naannoof dhiyaata.¹⁸⁷ Bifuma wal fakkaatuun, murtiin hanqina naamusaa ittigafatamaa garee inspeekishiinitiin fudhatamee fi gaggeessaa dhimma naamusaa aanaan fudhatame bifa ol-iyyannoон garee gumii godinaaf dhiyaachu danda'a.¹⁸⁸ Qaamni ol-iyyannoo ilaaluuf angeefame kuns murtii jalaa cimsuu ykn foyyeessuu ykn haquu danda'a.¹⁸⁹

Dhimma kanaan wal qabisilnee mirga abbootin seeraa hanqina naamusaa himatamans ta'e qaamni himanna hanqina naamusaa dhiyeesse ol-iyyannoof qabu yoo ilaalle, saxexamni seeraa kun mirga ol-iyyannoo kana kan daangesse fakkaata. Kunis akkuma beekamu adeemsi mirga ol-iyyannoo caasefama qaama murtii laatu waliin hariiro kallatti qaba. Bu'uruma kanaan

¹⁸⁶ Madda lak. 20 kewt. 16(2)

¹⁸⁷ Madda lak. 20 kewt. 16(2)

¹⁸⁸ Madda lak. 20 kewt. 16(3)

¹⁸⁹ Madda lak. 20 kewt. 16 (6)

caasefamni garee gumii labsichaan tumame akka duraa duuba isaanitti garee gumii godinaa, gareen gumii nannoo fi garee gumii waliigalati. Adeemsi ol-iyyannoos casefamuma kana kan hordofe ta'uu qaba.

Hata'uyyu malee, saxexama seeraa danbii armaan olii kana bu'uura kanaan yoo ilaalle, murtiin garee gumii godinaa irratti angoo ol-iyyannoo kan qabu garee gumii naannoo osoo hin taane, garee gumii waliigalatti. Kun ammoo maalif garee gumii irra utaalun garee gumii walii galaaf angoo kana laachuun barbaachise gaaffii jedhu kaasa. Sababiin isaa gareen gumii nannoo angoo jalqabaatiin dhimma hanqina naamusaa ciccimoo ilaaluuf annoo utuu qabuu murtii gareen gumii godinaa dhimma hanqina naamusaa salphaa irratti murteessan angoo ol-iyyannoona ilaaluuf angoo dhorkatamuu hin qabu ture. Murtiin garee gumii waliigalan laatamu ammoo yeroo hundaa murtii dhumaa waan ta'eef murtii garee gumii godinaa ol-iyyannoona akka ilaaluuf angoo kana garee gumii waliigalaaf laachuun mirga ol-iyyanno himatamaas ta'e himataa kan dhiphisu dha.

ii) Mirga Moggaafamuu:- moggaafamuu jechuun adeemsa abbaan seeraa hanqina naamusaan murtiin itti murt'a'e adabbii isaa erga xumuree booda badii isaa irraa of foyyeessuu isaa ibsee akka murtiin sun irratti hin fudhatamneetti laka'amuuf qaama murtii sana irratti dabarse itti gaafatu dha.¹⁹⁰ Hata'uyyu malee mirgi kun abbaa seeraa sababa hanqina naamusaan hojiirra gaggeefame hin dabalatu.

Abbaan seeraa adabbii isaa ximure bu'uura mirga kanaatiin iyyanno moggafamuu isaa qaama murtii irratti dabarseef dhiyefatee murtiin moggafamuu kun yoo laatamuuf akka nama hanqina naamusaa hin raawwaneetti riikoordiin isaa haqamee akka nama qulquluutti laka'amuuf mirga qaba.¹⁹¹

¹⁹⁰ Madda lak. 20 kewt. 18(1) ilaala.

¹⁹¹ Madda lak. 20 kewt. 18(4) fi 18(6) ilaala

BOQONNAA AFUR

Guduunfaa fi Yaada Fumraata

Yaada Guduunfaa

Ittigafatamummaan abbooti seeraa jiraatu malee bilisummaa abbaa seerummaa qofa dhugoomsuudhaan kaayyoo barbaadame galmaan ga'uun hin danda'amu. Kanaafuu sirna seeraa tokko keessatti al-loogummaa dhugoomsuudhaan ol'aantummaa seeraa mirkaneessuun kan danda'amu ittigafatamummaa abbooti seeraa dhugomsuudhani.

Ittigafatamummaa abbootin seeraa hojii abbaa seerummaa isaanii keessatti qaban kana bifa fi tooftaalee adda addaan dhugoomsuun kan danda'amu yoo ta'u kanneen keessaas ittigafatamummaan abbootin seeraa naamusa isaaniif qaban ni caqasama. Adeemsa ol'aantummaa seeraa mirkaneessuun haqaa dhugoomsuuf adeemamu keessatti abbootin seeraa badii naamusaa hojii abbaa seerummaa isaanii keessatti raawwataniif ittigafatamummaa naamusatu isaan hordofa.

Abbooti seeraa hojii abbaa seerummaa isaanii keessatti badii naamusa rawwatan irratti adabbii dabarsuuf adeemsa adeemamu keessatti ammoo seerri fi baratamni bilisummaa fi mirgoota abbooti seeraa giddu galeessa godhate jiraachuun dirqama. Sababiin isaa saxaxamni seeraa fi baratamni qabatamaan jiru bilisummaa abbooti seeraa dabalatee mirgoota abbootin seeraa adeemsicha keessatti qabachuu qabaniif wabii ta'u hin jiru taanaan qajeelfama bilisummaa abbaa seerummaa waliin kan walitti bu'u ta'a. Kana malees,danbiin sirna qorannoo fi falmii hanqina namusa abbootii seeraa bilisummaa fi mirgoota abootii seeraa dhugoomsuu cinatti ittigafatamummaa namusa abbotii seeraa kana bifa barbadameen dhugoomsuuf kan ga'umsa qabu ta'uu qaba

Bu'uruma kanaan qo'annichi ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa hanqina naamusa waliin wal qabisiise qorachuu yaaleera. Kuniis gama tokkoon bilisummaan abbooti seeraa adeemsicha keessatti hammama dhugoomeera isaa jedhu kan ilaale yoo ta'u, gama biraan ammoo ittigafatamummaa abbootin seeraa naamusa isaaniif qaban dhugoomsuuf hamatamni

seeraa ga'aan jiraachuu irratti xiyyefata. Gama mirgoota fi bilisummaa abbooti seeraa adeemsicha keessatti dhugoomsuun wal qabatee seeraa fi baratamni jiru xinxalameera.

Haaluma kanaan, dhimma hamatinsaa fi ga'umsa seeraa adeemsa ittigafatamummaa naamusa abbooti seeraa irraa yoo ilaalle danbiin kallatiin caqasamu danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa labsii lakk. 03/2001n tumame dha.

Hanqinni danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa abbooti seeraa yeroo ammaa hojiirra jiru tokko tokko akkuma jirutti ta'ee, bilisummaa,mirgoota fi ittigafatamummaa namusa abbootin seeraa adeemsicha keessatti dhugoomsuuf danbiin harawaan kun gummacha guddaa gumaachera. Keessattuu danbiin kun danbii naamusaa abbooti seeraa lak. 1/95 isa dura ture waliin yeroo ilaalamu gama kanaan shoora gudda fudhateera jechuun ni danda'ama.

Gama bilisummaa abbooti seeraa adeemsicha keessatti dhugoomsuutiin wal qabatee foyya'insa danbichi qabu akkuma fakkeenyaatti kaafne yoo ilaalle, qaama komii hanqina naamusaa irratti qorannoo gaggeesuu fi murtii laatu qaama adda addaaf qoode angessuun isa tokko. Dhimma kanaan wal qabatee danbii duraan ture keessatti dhimma hanqina naamusaa abbootii seeraa irratti angoon qorannoo gaggesuus ta'e dhimmicha irratti murtee laachuu angoo gumii abbooti seeraa ture. Adeemsi kun ammoo mirga abbaan seeraa komiin irratti dhiyaate qaama bilisa fi al-loogummaan hojjetu duratti dhimmi isaa akka ilaalamuuf qabu kan dhiibu ta'urra darbee, adeemsa kanaan qaamumti himanna dhiyeessuu deebsee waan dhimmicha irratti murteessuuf carraan abbaan seerichaa komii irratti dhiyaate irra bilsia ta'uu dhiphaa dha. Kun ammoo bilismmaa isaanii irrattis dhiibbaa geessisaa ture.

Haata'uuyyu malee, danbiin yeroo ammaa hojiirra jiru angoo kana garee Inspeekshinii fi gumii abbooti seeraa sadarkaa sadarkaan jiraniif waan adda qoodeef gama kanaan bilisummaa abbooti seeraa dhugoomsuufs ta'e ittigafatamummaa isanii raggasisuuf gumaacha guddaa gumaachera.

Kana malees, danbiin sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa kun bilisummaa abbooti seeraa mirkaneessuuf mirgoota abbootin seeraa adeemsicha keessatti qobachuu qaban danbii duraan ture caala gadi faggeenyaan tumeera. Kanneen keessaas adeemsa qorannoo hanqina

namusaa si'omna qabuu fi mirgoota abbotii seeraa giddu galeessa godhate akkasumas,mirga dhagahamuu abbaa seeraa komiin irratti dhiyaate haalan tumamuu isaa akka fakkenyatti caqasuuun ni danda'ama.

Egaa akkuma walii galatti bilisummaa abbooti seeraa adeemsa ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa keessatti dhugoomsuuf uwisa fi ga'umsa danbichaa yoo ilaallu hanqinoota tokko tokko qorannicha keessatti ibsame irraa kan hafe gaaridha jechuun ni dnada'ama.

Danbii kana hojiirra oolchuu waliin wal qabatee haala qabatamaan hojiirra jiru bu'aa qo'annichaa irratti hundofnee ammoo yoo madaallu, hojiirra oolmaan danbii kanaa irra jireessaan bu'uruma danbicha keessatti ol ka'ameen hojii irra oola jira jechuun ni danda'ama.Kana jechuun garuu rakkoon baratamaa seera irra maqee bilisumma fi mirgoota abbootii seeraa dhiiba jiru hin jiru jechuu miti.

Rakkoon barmatilee seera irraa maqee bilisummaa abbooti seeraa dhugoomsuufs ta'e ittigafatamummaa naamsa abbooti seeraa qixa barbaadamuun hojiirra oolchuuf halli qabatamaan rakkoo ta'aa jiru kun ammoo sadarkaa naannoo fi godinaatti adda adda ta'u isaa qorannichaan mirkana'eera. Kunis sadarkaa naannootti gama gahee garee Inspeekshinitiins ta'e garee gumiiin danbichi irra jireessaan bu'uruma seerichaan kan hojii irraa oola jiru yoo ta'u sadarkaa godinaatti garuu hojiirra olmaan danbii kanaa kan sadarkaa naannoo waliin yeroo madaalamu rakkoo kan qabu ta'u nutti muli'isa. Kanaafs wal darba seeraa fi baratamaa sadarkaa godinaatti jiru kanneen armaan gadii akka fakkenyatti caqasuuun ni danda'ama.

- Bu'uura danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamsaatiin sadarkaa godinaa irrattis ta'e sadarkaa naannoo irratti dhimma komii hanqina naamusaa qorachuuf qaamni seeran angeefame gare Insipeekshinii godinaati. Haata'uyyu malee, sadarkaa godinaatti dhimma hanqina naamusaa abbooti seeraa irratti komii fuuchus ta'e dhimmicha irratti qaamni qorannoo gaggeessu garee Inspeekshinii osoo hin taane garee gumii godinaati. Adeemsi seera irraa maqe kun ammoo dabareedhaan sadarkaa godinatti ittigafatamummaa abbooti seeraa

bifa barbadameen akka hin dhugoomne gochuu irraa darbee bilsimmaa fi mirgoota abbooti seeraa kanneen biro irrattis dhiibba uuma jira.

- Bu'ura danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusatiin mirgoota abbaan seeraa komiin naamusaa irratti dhiyaate tokko qabaachu qabu keessaa tokko mirga dhagahamuti. Mirgi kun ammoo mirga falmiin yeroo gaggefamu qaaman argamuun ragaa isarratti dhiyaate ilaaluu, ofirraa ittisu, ragaa ittisa dhiyefachuu fi kkf of keessatti hammata. Bu'uruma kanaan danbiin kun abbaan seeraa komiin irratti dhiyaate dhaddacha irratti argamuun mirga isaa kanatti fayyadamuu akka qabu ibsa. Haatayyu malee, sadarkaa godinaa irratti bu'uura adeemsa hojiirra oolma jiruun abbaan seeraa komatame carraan inni qaaman dhiyaate mirgoota isaa kana itti fayyadamu hin jiru. Kun ammoo adeemsa seeraan ol ka'ame irraa kan maqe dha.

Sababoota kanaa fi kanneen biro irraa ka'uun hojiirra olmaa danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa sadarkaa godinaa irra jiru kan sadarkaa naannoo irra jiru waliin yoo madaalluu baratamni seera irra maqan tokko tokko sadarkaa godinaa irra akka jiran nutti addeessa. Kun ammoo ittigafatamummaa naamusaa abbooti seeraa gama mirkanesutiinis ta'e bilsimmaa fi mirgoota abbootin seeraa adeemsicha keessatti qaban gama dhugoomsuutin carraqqii godhamuuf gufuu dha. Kana jechuun garuu sadarkaa naannoo irrattis yoo ta'e danbichi hundaa hundatti hojiirra oola jira jechuus miti. Sadarkaa kanattis yoo ta'e harcaatiin darbee darbee mul'atu ni jira.

Yaada Furmaata

4.1. Waa'ee Qaama Hanqina Naamusaa Irratti Qorannoo Gaggeessuu

4.1.1. Angoo Garee Inspeekshinii Fi Naamusa Abbooti Seeraa

Bu'uura danbii gumii abbooti seeraa irra deebi'ee hundessuuf baheetiin gareen Inspeekshinii naannoos ta'e godinaa iyyannoo fi komii kenninsa tajajila manneen murtii fi naamusa abbooti seeraa simachuun qorannoo gaggeessuuf angoo qaba. Haata'uyyu malee, gama biraatiin ammoo gareen kun dhimma dandeetti fi ga'umsaa irratti komii dhagahus ta'e qorannoo gaggeessuu hin danda'u. Sababiin isaa, bu'uura heeratin dhimmi dandeetti fi ga'umsaa dhimma naamusaa waan hin taaneef gumiin waliigalaa garee addaa hundeessee dhimmi kun akka qoratamu fi yerodhaa yerootti akka hordofamu godha. Adeemsa kanaan dhimma kana irratti murtii dhuma laachuuf qaamni ango qabu garee gumiin waliigalaa waan ta'eef mirga ol iyyannoo abbaa seerichaas kan dhabsiisu ta'a. Gama biraan ammoo dhimmi dandeetti fi ga'umsaa dudhaa naamusaa abbootin seeraa kabajuu qaban keessaa tokko ta'uun koodii naamusaa keessatti ol ka'ameera. Adeemsi kun kan hordofamu yoo ta'e ammoo dhimmonni kun dhimmuma naamusaa waan ta'aniif garee Inspeekshiniitiin qoratamuu qaba ture.

Gama biraan, bu'ura danbichaan gumiin walii gala dhimma dandeetti fi ga'umsa abbooti seeraa qorachuuf akkasumas, dhimmoota kana irratti yeroodha gara yerootti hordoffii akka godhuuf qaama tokko addatti hundeessuuf angoo fudhateera. Hata'uyyu malee, yeroo ammaa qaamni gumiin kanaan seeraan hunda'ee dhimmoota kana hordofa jiru hin jiru. Kanuma irraa kan ka'e yeroo ammaa dhimmi dandeetti fi ga'umsa abbooti seeraa hordofama hin jiru.

Kanaafuu, rakkoo kanneen furuuf yaadni furmaata kun laatemeera;

- Dhimmi danadeetti fi ga'umsa abbooti seeraa dhimma naamusaa miti kan jedhamu yoo ta'e saxaxamni seeraa dhimma kanaan wal qabatee koodii fi danbii naamusaa keessatti ol ka'ame bifuma kanaan sira'u qaba. Haaluma kanaan, gumiin walii gala bu'uura angoo fudhateen qaama dhimma kana irratti hordoffii godhus ta'e komii dhagahu addatti hundeessuu qaba. Yookan ammo bu'uruma

muxannoo biyyoota addunyaatiin dhimmi dandeeti fi ga'umsaa dhimma naamusaa ta'uun gareen Inspeekshinii dhimoota kana irratti komii dhaga'uun qorannaagaggessuuf angefamuu qaba. Keessattu yaadni furmaata kun mirga abbaan seera ol iyyanoof qabu dhugoomsuuf shoora qaba.

4.1.2. Waa'ee Garee Inspeekshinii Godinaa

Manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran keessatti ittigafatatumma naamusaa abbooti seeraa ilaalichisee komii abbooti dhimmaa fi qaamolee adda addaa irraa dhufu fuchuun qorannaakka gaggeessuuf sadarkaa naannoos ta'e sadarkaa godinaa irratti qaamni angefame garee Inspeekshinii fi kutaa qorannoo hanqina naamusati. Haatayyu malee, yeroo ammaa kutaan kun mataa isaa danda'ee sadarkaa mana murtii godinaa irratti qabatamaan hin hundoofne. Kanaafuu, sadarkaa kana irratti komiin hanqina naamusaa kan dhiyaatu kuta pirezidantitti yoo ta'u qorannaan hanqina naamusaa ammo kun kan garee gumii godinaatin gaggefama. Adeemsi kun ammoo adeemsa seeraa irraa maqe ta'urra dharbee akkuma qo'annicha keessatti bali'inaan ibsame sadarkaa godinaa irratti sababa adeemsa kana irraa kan ka'e ittigafatatummaa naamusaa abbooti seeraa bifaa barbaadeemen dhugoomsuun hin danda'amne. Kana malees, adeemsi kun dhimma hanqina naamusaa irratti qaamni tokko angoo qorachuus ta'e dhimmicha irratti murtii akka laatu waan godhuuf bilisummaa fi mirgoota abbooti seeraa irrattis dhiibbaa qaba. Kanaafuu, rakkoo gama kanaan jiru maqsuun ittigafatatummaa abbooti seeraa dhugomsuudhaafs ta'e bilisummaa fi mirgoota abbooti seeraa kabachisuuf bu'uura seerichaan sadarkaa godinaa irratti garee Inspeekshinii hojjetoota mataa isaan ijaarame hunda'uu qaba.

4.1.3. Qorannoo Hanqina Naamusaa fi Ga'umsa Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa

Akkuma yaada guduunfaa keessatti ibsuuf yaalametti danbiin sirna qorannaafifalmii hanqina naamusaa gama ittigafatatummaa abbooti seeraa dhugoomsuutinis ta'ee bilisummaa isaanii kabachisuutiin gummaacha guddaa gumaacheera. Haata'uti dhimma qorannoo hanqina naamusaa fi haala dhiyefannaakomii hanqina naamusaa waliin wal qabatee hir'inni danbichi

qabu tokko eeruu (komii) bifa kaminuu dhiyaatu keessatti qabiyyeen komichaa maal ta'uu akka qabaatu ibsu dhabuu dha. Kanaafuu, keewwanni qabiyyee komii hanqina naamusaa bifa qo'annicha keessatti ibsameen danbicha keessatti hammatamuu qaba.

4.2. Waa'ee Qaama Hanqina Naamusaa Irratti Murtee Laachuuf Angoo Qabuu.

4.2.1. Garee Gumii Waliigalaa

Kaayyoon gumii abbooti seeraa bulchiinsa ol'aanaa manneen murtii naannichaa ta'ee imaammata, tarsiimoo fi kallatiwwan walii gala qaama abbaa seerummaa naannichaa hordofuu fi bilisummaa fi ittigafatamummaa abbaa seerummaaf wabii ta'u dha. Kanuma irraa kan ka'e adeemsi filannoo miseensota gumiis kaayyoo kana yaada keessa kan galfate ta'uu qaba. Kunis adeemsi filannoo kun bilisummaa fi ittigafatamummaa abbooti seeraa bifa dhugoomsu qofaan osoo hin taane, haala ergama mana murtii galmaan ga'unis ta'uu qaba. Kanaafuu, filannoон miseensonnii gumii hirmannaabbooti seeraa qofaan osoo hin taane bakka bu'aa mana murtii kan ta'e pirezidantii mana murtii walii galas bifa hirmaachisuun ta'u qaba. Danbiin akka naannotti nuti qabanus yaaduma kana deeggara.

Haata'uyyu malee, abbootin seeraa nannichaa miseensi gumii pirezidantiin kadhimamee muudamu mudamni isaa sababa pirezidantichaan kaadhimameef gumii kana keessatti soda tokko malee ittigafatamummaa isaa hin bu'u waan jedhaniif gumii sadarkaa naannoo irraatis ta'e kan godinaa irraa amantaa hin qabani. Miseensotaa gumii pirezidantotatan kadhimamanii mudaman irrattis sodaan abbooti seeraa kun qabatamaan ni mul'ata. Kun ammoo rakkoo adeemsichaa irraa kan madde osoo hin taane, ofitti amanamummaa miseensota kanaa irraa kan maddu dha. Rakkoo kana maqsuuf tarkanfiin danbichaan fudhatame akkuma jirutti ta'ee miseensota gumii sadarkaa godinaa irra jiraniifs ta'e kan nannoof leenjiin ofitti amanamummaa isaani cimisu laatamu qaba. Kana malees, dhimma kan irratti mariin miseensota gumii, pirezedantota manneen murtii fi abbooti seeraa hirmaachise yeroo yerootti sadarkaa sadarkaan gaggeefamu qaba.

4.2.2. Waa'ee Garee Gumii Naannoo

Dhimma garee gumii naannoo waliin wal qabatee rakkoon jiru rakkoo saxaxame seerati. Akka yaada bu'uratti dhimmi irratti walii galamu tokko miseensonni gumii fedhii abbooti seeraa irratti murteessan adeemsa abbooti seeraa kana hirmaachiseen bakka buufamuu qabu. Yaada kan waliin adeemsa filanna miseensota garee gumii fi angoo inni dhimma abbooti seeraa irratti qabu waliin yoo ilaallu, gareen gumii kun dhimma hanqina naamusaa abbooti seeraa Oromiyaa irratti murteessuuf angoo osoo qabuu adeemsi fi bakki filanna miseensota gumii kana garuu mana murtii walii gala qofa irratti kan hunda'e fi abbooti seeraa mana murtii waliigala qofa kan hirmachise dha. Kanaafs, akka sababatti kan caqasamu miseensonni garee gumii kanaa dhabbataan hojji idilee isaanii hojjjechaa garee gumii kana keessatti waan hirmaataniif abbooti seeraa manneen murtii Oromiyaa keessa jiran miseensa garee gumii kana keessatti yoo hirmaachifne himanna hanqina naamusaa yeroo yerootti dhiyaatu mana murtii itti hojjechaa jiran irraa yero yerodhaan wamamanii mana murtii walii gala irratti galmee himana namusaa akka ilaalin gochuu ta'a. Kun ammoo himanna hanqina naamusaa guyyaa guyyaatti dhiyaatu fi tajajila si'omina qabu laachu akkasumas,mirga abbaan seeraa dafee murtii argachuu waliin yeroo ilaalamu rakkoo uumu danda'a. Haata'uti rakkoo kana furuuf yaadni furmaata kun latemeera.;

- Bu'uuraan yaadni miseensota garee gumii kanaa adeemsa abbooti seeraa hunda hirmaachiseen bakka buufamu qabu jedhu danbichaan itti amanamee saxaxamni seerichaa haaluma kanaan foyya'uu qaba. Yaaddo raawwii hojji armaan olitti eerame hambisuuf ammoo abbaa seeraa miseensa garee gumii kanaa ta'e filatemu abbootiin seeraa yeroo filatanu fageenya iddo haala yaada keessa galfateen geggeessu qabu.Kana madditti muxxannoo fi dandeetiin abbaa seerichaa kan heyamu yoo ta'e abbaan seeraa mana murtii kan biraa irraa miseensa gumii kanaa ta'ee filatamu hanga yeroo miseensummaa isaa xumurutti abbaa seeraa mana murtii walii gala ta'ee itti gafatamummaa garee gumii kan keessatti qabus maddiin akka gaggeesuf haalli mijuu qaba. Kanaaf, ammoo bu'urri seeraa danbicha keessatti dursee hammatamuutu irra jira.

4.3. Waa'ee Adeemsa Kenna Murtii

4.3.1. Mirga Dhagahamuu

Mirga dhagahamuu waliin wal qabatee rakkoon jiru rakkoo seeraa osoo hin taane rakkoo barbatamaati. Kuniis bu'uura danbii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaatiin abbaan seeraa komii hanqina naamusaan himatame tokko mirga ragaa isarratti dhiyaate ilaalu, gaafachuu, ragaa ittisaa isaa dhiyeefachuu fi kkf kan of keessatti qabu dha. Mirga kanatti fayyadamuuf ammo abbaan seerichaa carraa qaaman falmii irratti argamuu argachuu qaba. Hata'uyyu malee, sadarkaa garee gumii godinatti abbaan seeraa komii hanqina naamusaan himatame carraa qaaman dhaddacha irratti argamee mirgoota kanatti fayyadamuuf hin qabu. Adeemsi kun ammoo bu'uura seerichaa irraa kan maqe waan ta'eef sira'uu qaba.

4.3.2. Sadarkaa Mirkaneefanna Himata Hanqina Naamusaa

Abbaa seeraa komii hanqina naamusaan himatame tokko irratti murtii balleessummaa laachufu ykn bilisa gadi lakkisuuf sadarkaan mirkanefanna himata hanqina naamusa seeraan ifatti tumamu qaba. Hatayyu malee, danbiin sirna qorannaa fi falmii hanqina naamusaa dhimma kana ilaalichisee seeraan waan tume hin qabu. Kanaafuu, danbicha keessatti muxannoo sadarkaa addunyaa qo'annichaa keessatti ibsamee bu'uura godhachuu kewwanni sadarkaa mirkanefanna himata hanqina naamusaa ibsu tumamuu qaba.

4.3.3. Mirga Dafee Murtii Argachuu

Dhimmi kunis himma hanqina danbichaa waliin wal qabatu dha. Abbaan seeraa hanqina naamusaan himatame tokko mirga dafee murtii argachuu qaba. Abbaan seeraa kunis mirgi isaa kun yoo hin kabajamne mirga isaa kanaaf falmachuuf dangaan yeroo seeraan ifatti ka'ame jiraachu qaba. Hata'uyyu malee, danbichi dhimma kanaan wal qabsiisee gareen gumii dhimma isatti dhiyaate tokko dafee murtii itti laachuu akka qabu qofa ibsa. Kun ammoo hikkaa seeraaf karra waan banuuf mirga abbaan seerichaa dafee murtee argachuuf qabu kan dhiibu ta'u danda'a. Kanaafuu, danbichi dhimma kana ilaalcihisee daangaa yeroo murtii ifatti tumuu qaba.

4.3.4. Mirga ol-iyyannoo

Akkuma qo'annicha keessatti ibsuuf yaalame adeemsi ol-iyyannoo adeemsa casefama qaama murtii laachuuf angoo qabu waliin kan wal simu ta'u qaba. Hata'uyyu malee, bu'uura labsii gumii abbooti seeraa irra deebi'uun hundeessuuf bahe lakk. 142/2002tiin murtii garee gumii godinaa angoo ol-iyyannoonaan ilaalu kan danda'u garee gumii waliigalati. Adeemsi kun ammoo mirga ol-iyyannoo kan dhiphisu waan ta'eef angoon murtii garee gumii godinaa ol-iyyannoonaan ilaalu garee gumii nannoof laatamu qaba. Labsichis bu'uuruma kanaan sira'uutu irra jira.

Wabiwwan !